

WAAQAYYO AMALOOTAA

ISAATIIN OFII

ISAA ADDA BAASA



Hiriyaa koo Yooseef Boozee, achitti arguun koo, na ajaa'ibeera, anis yeroo xiqqoo fudhadheen garagalee harka isaa qabee dubbise.

² Mee amma Sagalee Waaqayyoo keessaa, gara Ibrootaa, boqonnaa 1ffaa haa banannu. Kutaa kanaaf, lakkoofsa 1ffaa, 2ffaa fi 3ffaa, dubbisuun barbaada, barreeffama galgala kanaa akka mul'isuuf.

Waaqayyo, bara duriitti si'a baay'ee karaa garaa garaatiin, raajotaan abboota keenyatti dubbateera,

Guyyoota bara isa dhumaa kanatti immoo ilma isaatiin nutti dubbate, Inni ilma isaa kanaan waaqaa fi lafa uumee, waan hundumaa harka isaatti kennuuf isa dhaabe;

Ifni ulfina Waaqayyoo isa irraa in calaqqisa, Waaqayyo akkuma jirutti isaan in mul'ata, dubbii isaa isa humna qabeessaanis waan uumame hundumaa in baata, inni yeroo . . . ol gubbaa mirga isa surra-qabeessaa dhaqee in taa'e;

³ Amma kadhannaadhaaf mataa keenya gadi haa qabannu. Amma immoo Argama Waaqummaa Isaa duratti, gaaffii kamiyyuu akka Inni isiniif beeku kan barbaaddan yoo qabaattan, harka keessan ol kaastuu, sun immoo gaaffii keessan, Waaqayyo akka . . .

⁴ Abbaa keenya Waaqarraa, Maqaa ilma Kee, Yesuus Kiristoositti amanuudhaan, amma gara teessoo Kee duratti ol dhufaa jirra. “Maqaa isaatiin waan kamiyyuu yoo gaafanne, nuuf kennama,” kan jedhu, mirkaneessi kun nuuf kennameera. Fedhii keenyaa fi waan nu barbaachisu Ati ni beekta, waan nu barbaachisu hunda akka nuuf laattus Ati waadaa nuuf galteetta. Kanaaf, Abbaa, akkuma Ati nu barsiiftetti, “Mootummaan Kee haa dhufu. Jaalalli Kee akkuma Waaqa irratti ta'e lafa irrattis haa ta'u,” jennee kadhanna. Gaaffiin keenya, galgala kana, akka Ati kennuuf barbaaddutti akka ta'uuf, mirga kanas akka nuuf kennitudha. Yaa Gooftaa, warra dubbatanii fi warra dhaggeeffatan hundumaaf, Sagalee Kee dibi, akkasumas galgala kana, nu gidduutti, Hafuurri Qulqulluun dhufee raawwataa Dubbichaa haa ta'u. Maqaa isaatiin waan kadhannuuf. Ameen.

Taa'aa.

⁵ Bor ganama, ciree Namoota Hojjettoota Guutuu Wangeelaa ta'uun, naaf gala. Yeroo baayyee, bakka boqonnaa qabanitti, ciree isaani irratti dubbachuuf carraa nan qabaadha. Hanga yeroo kanaatti, kan jaarimiyyaa hin taane, dhaabbata kana qofa, garuu, garee tokkichi ani—ani ta'u, Namoota Hojjettoota Kiristaanaa ti. Amma immoo sadarkaa idil-addunyaatti, isaaniif qofan dubbadha.

⁶ Amma, galgala kana, walitti qabamni kun akkasumaan akka hin taane amanaa jirra. Anis dadhabee, gara keessan kanan dhufe, qoonqoon koos-dadhabee, xiqqooshees biroonkaayitesiin qabameera, irraa . . .

⁷ Bakka dhugumatti gaarii fi qooraa ta'e Tuuksan irraan dhufe, akkasumas gara kana yeroon dhufu immoo dhugumatti gaarii fi jiidha waan ta'eef, garaagarummaa guddaatu jira. Hundi keessan bishaan hunda asii qabdan kana, osoo naannoo keenyatti ergitanii, ni dinqisiifanna turre. Garuu akkas gochuu akka hin dandeenye, beekamaadha.

⁸ Garuu waan tokkon isinitti hima, naannoo sana fakkeenya tokkotu jira. Arizoonaa keessatti kan argaman wantoonni keenya—keenya—keenya hunduu, mukkeen keenya, dameen guutamani jiru. Wantoonni hundinuu damee qabu. Goggogaa waan ta'aniifi. Amma osoo mukni sun asitti biqilee, baala bareedaa namatti tolu ta'a. Argituu, bishaan hin qabu waan ta'eef, damee qofa ta'a.

⁹ Waldaanis immoo Bishaan Jireenyaa malee yeroo taatu, akkasuma, gogduu fi damee qofa taati, waan hundumaa irratti gogduu fi kan wawwaraantu taati. Bakka bishaan Jireenyaa yaa'utti garuu, baala baballaa diriirfatee, kan lallaafaa fi namatti tolaa ta'e, qulqulluu fi Waaqayyoon biratti fudhatama kan qabu taasisa. Kanaaf galgala kana, Waaqayyo Gooftaan nu haa obaasu, akka nuti damee duwwaa hin taanetti; garuu baala gaarii taanee kan sabni karadeemaan sun gaaddisa mukaa keenyaa jala taa'anii lubbuu isaaniif boqonnaa argachuu danda'an haa taanu.

¹⁰ Amma yoo fedha Gooftaa ta'e, barreeffama galgala kanaan, fudhachuu barbaada, akkasumas hanqina sagalee irraa kan ka'e, maayikiraafoonii kana hamman danda'etti ofitti butuuf harkisaan jira. Ani kanan barbaadu, dubbisa Ibroota 1:1 irraa, barreeffama tokko fudhachuun barbaada: *Waaqayyo Amaloota Isaatiin Ofii Isaa Adda Baasa*. Qulqullinni sagalee gaarii akka hin taane waanan beekuuf, ammas irra deebi'ee haa dubbadhu. Waaqayyo amaloota Isaatiin Ofii Isaa adda baasa.

¹¹ Amma, wanti kamiyyuu irra caalaan isaa amaloota isaatiin adda ba'a. Akkasumas kan ani caqasuu barbaadu Caaffata Qulqullaa'oo muraasaa . . . fi akka yaadannooti asitti

qabadheera. Amma, amalli waan kamiyyuu inni maal akka ta'e adda baasa.

¹² Amma, akkuma uumama hundaatti, yeroo baay'ee, daraaraan amala isaaniitiin, addaan baafamu. Yoo walitti dhihoo ta'an, kan gosa tokkoo gara kan biraatti, amalli daraaraa sanaa daraaraa akkamii akka ta'e adda baasa. Bineensota bosonaa keessattis, yeroo baay'ee. . .

¹³ An—Ani adamsituudha. Amala bineensa adamsitanii sana beekuu qabdu, ykn yeroo tokko tokko sirriitti gowwoomfamuu dandeessu. Fakkeenyaaf, akka Hoolaa Dhagaa Biritish Koolombiyaa keessatti argamuutti. Ji'a darbe kana naannoo Yukoonin ture, obbolloonni amma as jiran lama na waliin turan, nutis adamsaa turre.

¹⁴ Amma yoo garaagarummaa isaa hin beektan ta'e, yeroo hoolaa ykn bosonuu hordoftan, yoo adamsituu cimaa taatan malee garaagarummaa isaa adda baasuu hin dandeessan. Sababni isaas, isaan kottee gosa tokko qabu; yeroo baqatanis ni utaaluu. Achiis tokko fagoo dhaabatee, mataa isaa dhoksee, maaliif, isin—isin garaagarummaa isaa baay'ee beekuu hin dandeessani. Isaan guddina isaaniitiin wal fakkaatu; garri dudduuba isaanii, akkuma bosonuu, adii dha. Kana jechuun nama rakkisa. Gaanfi isaa garuu amala isaa adda baasa, gaanfa isaaniitiin. Hoolaan gaanfa maramaa qabu, bosonuun immoo gaanfa filaa filaa qaba. Wanti biraan immoo, bosonuun nyaataaf, baay'ee ol ba'ee hin adeemu.

¹⁵ Kan biraanis, deemsi re'ee, akkasumas, amalli re'ee jira, akkasumas kan hoolaa, garaagarummaa isaan gidduu jiru beekuu qabdu, sababiin isaa yeroo bakka ol ka'aatti baatan, lamaan isaanii iyyuu gaara ol ka'aa irra jiraatu. Garaagarummaa isaanii beekuu qabdu. Garuu yoo hubattaniittu ta'e, bakka, hoolaan miilla isaa akka *kanatti* gadi kaa'aa, akkuma adeemu; reettiin—yeroo adeemu of gufataa adeema. Amalli inni itti adeemuu faana isaa tolcha. Tapha kee amala inni agarsiisuunii fi akkaataa inni itti hojjetu, akkasumas waan inni sooratuun, waan hundumaan adda baafata. Amala isaatiin adda of baasa. Sana booda tokko irra darbitanii, maal akka ta'u ilaaltu, akkaataa isaan itti adeemaniin adda baasuu dandeessu. Amala bineensaa adda adda ta'e sanaan adda baasuu dandeessu.

¹⁶ Yeloohaamer, as jiruu fi dhiisuu isaanii hin beeku, garuu hubattanii beektuu, tole, filiiker maqaa isaanii sirriidha, akkasumas simbirroo jaay. Simbirroon jaay jedhamtu hammaan yeloohaamer wajjin wal qixa. Lamaan isaanii yeroo balali'an yoo argitan, lamaan isaanii iyyuu simbirroo gosa tokko fakkaatu. Halluu isaanii yoo hin argine, garuu isaan ilaaluuudhaan, yeloohaameriin kam akka ta'e adda baasuu dandeessu. Simbirroon jaay, haa xiqqatus haa guddatus, akka kanniisaatti balali'a. Garuu yeloohaamer, baallee isaa rukuta;

yeroo baallee isaa rukutus, gadi bu'aa achiis ol ba'aa, gadi fi ol deema. Argituu, akka *sanatti*, hidhaa keessa of galcha, kanaafuu akkaataa yeloohaamer ittiin balali'uun, amala isaa hubachuu dandeessu.

¹⁷ Quwaal—yeroo inni bahu, akkaataa inni itti ol bahu yoo hubattan. Sana booda yoo dhaqdhaqii keessa jirtu ta'e ilaalaa, bakka quwaal, akkasumas—akkasumas isnaayippii. Isin adamsitoonni kana ni beektu. Wiilsan Isnaayippii fi jaakisnaayippi, akkaataa itti ba'anii fi akkaataa itti deemaniin of adda baasu. Amala balali'uu isaaniitiin, simbirroo gosa kam akka ta'an adda ba'u. Kanaaf, yoo isaan dhageessan, maal akka ta'an himuu dandeessu, akkaataa inni itti ba'e, maal akka ta'e, amala balali'uu isaatiin.

¹⁸ Akka dhiiraa fi dubartii. Lamaanuu nama yoo ta'an, dubartiin garuu dhiira irraa amala adda ta'e qabdi. Waa'ee Solomoonii fi mootittii, yeroo muraasa dura, asitti dubbisaan ture. Ergaa koo xiqqoo kana, asitti isiniif lallabuuf naanna'ee hin beeku, mootittii warra Kibbaa, Solomoon arguuf ol baatee, akkasumas kenna keessoo dubbisu sana argite. Waa'ee sanaa dubbisaan ture, yeroo dheeraa dura miti, isaanis, akkas jedhan, "Hibboo Solomoon dura kaa'ame keessaa tokko, kan ture, mootittiin kun dubartii, ykn dubartoota, caalaatti fudhattee, akka dhiiraatti isaanitti uffifte."

¹⁹ Amma, sun guyyaa sanatti waan keessummaa ture, garuu har'a, kun shakkii malee waan-hanga-har'aati. Akkasumas—akkasumas sun dogoggoraa ta'uu ni beektu. Macaafni Qulqulluun dubartiin akkas akka hin goone dubbateera. "Dubartiin uffata dhiiraa uffachuun ciigaasisaadha." Waaqni hin jijjiiramnes akkas jedheera, kanaaf sun dhugaadha.

²⁰ Kanaaf Solomoon akka argeen, baay'ee osoo hin ilaalin, akka isaan deeman ykn waan tokko hojjetan godhee, battaluma sanatti "Dubartootadha" jedhe. Argituu, amala dubartii sanaatiin, akkaataa isheen of qabduun, dubartii malee dhiira akka hin taane hubachuu danda'eera.

²¹ Sana booda waan biraan hundumtuu akkuma kana, amala isaa wajjinidha. Akkuma namoonni baay'een harka-bitaa, fi harka-mirgaa ta'an. Isaanis amala namoonni ittiin wayi qabatanidha. Nama mirgaa- ykn harka-bitaa ta'uu isaa, akkaataa isaan itti of mul'isan irraa hubachuu dandeessu, harka bitaa ykn harka mirgaatiin akkaataa isaan yeroo hunda ittiin hojjetanidha.

Akkasumas, Yesuus waan akkasii qaba ture, yaadadhaa . . .

²² Harki lamaan sun yeroo baay'ee . . . Isaan tokkuma. Isaan gosa ashaaraa qubbee harkaa, ashaaraa qubaa, quba shanan; xiqqaa, agarsiistuu, fi kkf qabu. Akkuma harki mirgaa fi harki bitaa quba gosa tokko qaban, akkasuma, sirriitti, harki wal qixa dha. Garaagarummaan achi jirus, isaan gidduu jiru, tokko

bitaa, inni kaan immoo mirga ta'uu qofa. Garaagarummaan ati dubbachuu dandeessu kana qofa. Tokko bitaa, inni kaan immoo mirgadha.

²³ Kanaaf egaa sana keessatti, Yesuus akka jedhe. . . Qabxii xiqqoon as kaa'a. Yesuus akkas jedhe, Maatewos 24 irratti, "Bara dhumaatti amalli Hafuura hamma tokko wal fakkaataa ta'a, yoo danda'ame warra filataman hamma gowwoomsutti akka malee walitti dhiyaata." Argituu, isaan akka . . .

²⁴ Harka keessan baasaatii ol qabaa. Argituu, yoo hin hubanne ta'e, tokko isa kaan fakkaata, karaa hundaanuu, garuu isaan keessaa tokko bitaadha inni kaan immoo mirgadha.

²⁵ Guyyaa dhumaa keessatti hafuuronnis akkasuma. Hamma tokko wal fakkaatu, garuu amala adda isaan baasu qabu. Tokko sirriidha, inni kaan immoo dogoggora, amala isaatiin adda baasuun ni danda'ama.

²⁶ Hafuura Waaqayyoo amala Isaatiin adda baasuun ni danda'ama. Argitanii? Hafuura Waaqayyoo, fi hafuura waldaa. Hafuurri waldaa jira, akkasumas Hafuurri Waaqayyoo kan guutummaatti hafuura waldaa hin fakkaanne jira, tasumaa.

Hafuurri dhaabbata amantii ni jira.

²⁷ Hafuurri sabummaa jira. Hafuurri sabaa jira. Yeroon deemutti, bakka deemtanitti, saba hunda, hafuura adda ta'een argattu. Fiinlaandin deeme, namoonni gaariidha, garuu hafuurri Fiinlaandi jira. Gara Jarmanittin gad bu'e, hafuurri Jarmanis jira.

²⁸ Asitti yeroo xiqqoo dura, waggaa lama dura, yeroo Indiyaanaa keessa jiraachaa turre, haadha manaa koo wajjin taanee, gara suppermaarkeetiitti ol deemaa turre. Reefu gara manaatti deebi'uu kooti. Nyaata argachuuf deemuu qabna turre. Achittis karaa irratti, nuti. . . Yeroon isaa yeroo gannaa ture, amanuu dhiisuu dandeessu, garuu shamarree wandaboo uffatte arganne. Kun waan addaati, na. . . na rifachiise. Anis—anis akkas jedheen, "Achi ilaali, sun waan addaati, dubartiin sun wandaboo uffatte." Warri kaan uffata hin. . . dubartootaaf kan ta'u hin uffanne turan. Akkasumas—isheenis akkas jette. . . Anis, "Tole, sun hafuura Ameerikaati, argituu, hafuura Ameerikaa" jedheen deebiseef.

²⁹ Amma, hafuurri Ameerikaa, isheen. . . saba Kiristaanaa jedhamtee yaadamti, garuu hafuurri saba kanaa Kiristaana miti. Saba Kiristaanaa jedhamuu danda'a, garuu amalaan, maayilii miliyoona tokko fagaatee argama. Kanaaf, dubartiin kun, akkas jedheen. . .

Isheenis, "Tole, nuti Ameerikaa mitii?" jette.

³⁰ Jedhe, akkas jedheen, "Lakki. Nuti as jiraanna. Kun biyya keenya. Nuti—nuti—keessa turra. Ni jaallanna. Saba addunyaa kana hunda keessaa kan caaltudha. Garuu, ammas,

nuti Ameerikaa miti.” Akkasan jedheen, “Nutu Ol irraa dhalanne. Hafuurri Qulqulluun bu’eera, nuti immoo kan Mootummaa biraa ti. Kan addunyaa kanaa miti.” Akkasan jedheen, “Kanaafidha obboleettonni keenya kan wandaboo uffatan, rifeensa dheereffatan, kan meek-aappii hin godhanneef. Argitaa, amalli isaanii ‘qulqullummaan Gooftaaf,’ Gubbaa irraa akka ta’e adda baasa.”

³¹ Kanaaf, Mootummaa eegaa jirra. Mootii dhufee namoota Isa jala jiran gara Mootummaa Isaatti fudhatu eegaa jirra. Isaanis amala isaaniitiin—isaaniitiin kan addaan baafamanidha, qabeenyi isaanii kan lafa kana irraa miti ykn kan saba kanaa miti. Kan oliiti, Ulfina irraati. Kanaaf, isaan, “Magaalaa Waaqayyo Ijaaree fi Tolche barbaadu.” Sirritti addaan baafamaniiru.

³² Sagalee gaariin isinitti lallabuuf halkan tokko osoo ani qabaadhee natti tola. Garuu ani—ani sanaa ba’eera. Amma, amala isaatiin adda baafameera.

³³ As irratti bara Israa’el gara biyya abdachiifamteetti galan, fakkeenya gaarii arganna. Waaqayyos akka kakuu Isaatti isaan waamee. Innis Abrahaamiin, sanyiin isaa. . . sanyiin isaa saba ormaa kana keessa, waggaa dhibba afuriif ni turu, sana booda Inni harka isaa isa jabaa guddaadhaan ni baasa, akkasumas, kana booda, gara biyya, abdachiifaman, aannanii fi damma baasuutti ni galu jedheera. Achiis yeroon kakuchi raawwatamu yammuu dhihaatu, Fara’oon—kan tajaajila guddaa Yooseef isaan gidduutti hojjete hin beeknetu ka’e.

³⁴ Akkuma, kana, Waaqayyo raajii Musee jedhamu kaase. Namichis ogummaa warra Gibxii hundumaa barsiifameera. Shakkii tokko malee inni nama guddaa, qaroo, hayyuu ture, sababiin isaas inni warra Gibxii ogummaa barsiisuu danda’a. Nama bilisa baasuuf ta’uun—sirritti kan walsimu fakkaata.

³⁵ Garuu, argitanii, wanti nuti bilisummaa jennuu, fi wanti Waaqayyo bilisummaa jedhu, garaagarummaa qaba.

³⁶ Amma nama kana naamusa isaa hundaan ilaalaa. Ijoollee Israa’el bilisa baasuuf akka dhalate ni beeka ture. Ta’us, barnoota isaa hundumaa wajjin, waa’ee isaa kan beeku kana qofa, hojii sana hojjechuuf Waaqayyoon akka waamame waan beekuuf, hundumaa qaba ture. . . Digirii Aartii jalqabaa, fi Ph.D. isaa, fi LL. D., fi kkf. Innis Israa’eliin bilisoomsuu ba’ee, guutummaatti kufe.

³⁷ Amma hubadhaa, akkas fakkaata, inni miilla isaa teessoo Gibxii irra kaa’ee, Fara’oon ta’uuf waan dhiyaateef, Fara’oon erga ta’ee booda ijoollee Israa’el oolchu kan danda’u itti fakkaateera; sababni isaas inni itti aansee dhaaltuu—teessochoa ture. Garuu, argitanii, sun, akkasitti ta’uun, saba isaa bilisa baasuu keessatti amala Waaqayyoo hin mul’isu ture.

38 Inni ofii Isaatii isaan nan oolcha jedheera. *Inni* “hirree jabaadhaan isaan in oolcha,” loltoota jaboo Museetiin osoo hin ta’in, harka Waaqayyoo isa jabaani.

39 Raajiin kun baqatee waggaa afurtama lafa onaa keessa akka ture ni beekna. Fara’oon barnoota isa irra tuuluuf waggaa afurtama qotuu itti fudhate, Waaqayyo immoo isa keessaa qotee baasuuf waggaa afurtama itti fudhate. Kanaaf kan argannu, gaaf tokko, inni, gara gammoojjii gamatti, huuxxii boba’u keessaan bifa Utubaa Ibiddaa huuxxii keessaa boba’aa jiruun, Waaqayyo Gooftaa wajjin wal argan. Innis lafti inni irra dhaabatee jiru qulqulluu waan tureef, akka, kophee isaa baafatu gaafatame. Ammagaa nama gaarii, ammayyaa, nama barate, kana ilaalaa, erga Waaqayyoon wal argee booda amalli isaa jijjiiramuu ilaalaa. Inni waan hunda caalu hojjete . . .

40 Akka yaada fooniitti, Waaqayyo yeroo tokko tokko wantoota haala salphaa akkasiitiin, akkasumas karaa gowwummaa akkasiitiin raawwata. Waraana Gibxii hundumaa fi wanta naannoo isaa jiru hundumaa wajjin fedha Waaqayyoo raawwachuuf; nama guutummaatti kufe tokko hubadhaa, barnoota isaa hundumaa wajjin, umurii waggaa afurtamaatti, yeroo umurii giddu galeessaatti. Kunoo, waggaa saddeettamatti, ganama itti aanu, haadha manaa isaa waliin gaangee irra taa’ee, dargaggeessa tokko jilba ishee irra kaa’attee, innis harka isaatti ulee qabatee, Gibxiin mo’achuuf, gadi bu’e. Waa’ee taatee nama kofalchiisu dubbattu! Garuu sun amala Waaqayyoo agarsiisa, sababni isaas Inni nama Sagalee Isaatti amanu qaba ture. Kana qofa. Wanti ture, bakka, waraanni itti kufetti, namni-tokkoo Gibxiin weeraruu yammuu deemu tilmaamuun ni danda’amaa? Garuu maal ture? Amalli isaa, tooftaan isaa jijjiirameera. Maqaa Gooftaatiin adeemaa ture, “ANI ANA.” Wanti ture, inni mo’ateera. Inni Humna Gooftaatiin waan deemaa tureef, raawwateera.

41 Israa’eliin gara biyya abdachiifamteetti osoo geggeessuu, karaa irratti, obboleessa isaa wajjin wal quuname, obboleessa isaa Mo’aab, isa dhaabbata amantii. Amma, Mo’aab, haala kamiinuu, orma hin turre. Inni ijoollee intala Loox ture. Ijoollee isaa keessaa tokko—Mo’aabiin godhatte.

42 Amma, asitti, saboota lamaan kana wal dorgomsiisuun, akka hubattan nan barbaada. Kunoo Gibxiin, xiqqoo, faffaca’ee, saba itti dhaqu hin qabu, hoji gaggeessitoonni ykn mootiin hin jiru, homtuu hin jiru, ykn namoota kabajamoo of keessaa hin qaban, ummata karaa gara biyya abdachiifamee deemaa jiru qofadha. Kunoo biyyi Mo’aab immoo karaa biyya abdachiifamee irra waan turteef, keessa darbuu qabu turan.

43 Mo’aab immoo, Yihowaatti kan amanu yoo ta’u, raajii tokkos qabu turan. Israa’elis raajii tokko qabu. Lamaanuu raajota qabu turan.

44 Ammas hubadhaa, isaan bakka sana yammuu gahan raajiin saba gurmaa'ee kun saba biraa kana abaaruuf gadi bu'ee ture, sababiin isaa jarri qubattoota waan turaniif, bakka murtaa'aa turan hin qabani. Kanaaf gadi bu'an.

Raajota lamaan sanas ilaalaa: Bu'uura waan ta'een yoo ilaalle, lamaan isaaniyyuu sirriitti sirrii turan. Sababni isaa, hubadhaa, Balaam, biishooppiin, akkas jedhee isatti hime, "Amma, ati iddoo aarsaa torba naaf ijaarta."

45 Torba lakkoofsa Waaqayyoo guutuudha, Baroota Waldaa Torban, guyyoota uumama torban, kkf bakka bu'a. Amma hubadhaa, torba, Waaqayyoo torbaan guutuu ta'a.

46 "Iddoo aarsaa torba, iddoo aarsaa irras sangaan tokko— tokko haa ka'amu." Amma sun sirriitti iddoo aarsaa isaan buufata Israa'el keessaa qabanii wajjin tokkodha. Achittis iddoo aarsaa isaan as kaa'an sanaan, aarsaa wal fakkaatu qabatani; Israa'elitti gadi bu'an, sangaa fi sangaa; raajii fi raajii. Saboonni lama, faallaa waliitiini.

47 Fakkeenya baay'ee sirrii guyyaa nu jiraannuuti, yoo yeroo qabaannee kan ilaallu ta'a. Hubadhaa, Waaqayyoo kana, akka nuti wal bira qabnee ilaalutti, fakkeenyaan godhe.

48 Ammas, Bala'aam tokkoon tokkoon iddoo aarsaa irratti korbeessa hoolaa barbaada. Sunis dhufaatii Masihiiratti irratti amantii qabu dubbachaa ture. Korbeessi hoolaa, hoolaan, sun aarsaa isaan goda Israa'elittis dhiyeessanidha; goda buufata Israa'el keessaas, as ol... Mo'aab keessattis. Kunis... Bu'uuraan, lamaan isaanii iyyuu sirriidha, garuu, hubadhaa, bu'uuraan barumsa keessatti.

49 Garuu raajiin goda buufata Israa'el keessa ture amala Waaqayyoo qaba akkasumas Sagalee Waaqayyoo qaba. Kakuu Waaqayyoo bara sanaaf qabuu wajjin ture, sababni isaas gara biyya abdachiifamtetti deemuuf sarara irra ture. Argitanii?

50 Amma, hamma bu'uura irraa ta'etti, Bala'aam, Balaq akkuma Musee addaan baafamuu danda'a.

51 Garuu, argitanii, Museen, raajii Waaqayyoo isa sirrii ta'uu isaatiin, wantoota bu'uura ta'an qofaan osoo hin taane, Waaqayyoon adda baafameera. Argitu, inni sirriitti waan bara sanaaf waadaa galameef, dirqama irra ture; bara Nohiif osoo hin taane, bara sanaafi. "Biyya aannanii fi damma yaasutti isinan geessa." Isaan karaa isaanii irra kan turan yoo ta'u, Israa'el raajii isaanii, Musee, fi Ergaa bara sanaan adda ba'u. Amaloonni Waaqayyoo Musee keessatti mul'ifamaniiru. Utubaan Ibiddaa isa duukaa ture. Araara sanas hojiidhaan qaba ture; waa'ee isaa dubbachuun osoo hin taane, hojiidhaan qaba ture. Bor waan ta'u miti, waan amma jirudha!

52 Hubadhaa, bofa sibiila diimaa dhibee fi dhukkuba ummataatiif fannifame qaba ture, kanaaf Museen fayyina

Waaqummaa shaakalaa ture. Waaqayyo buufata keessa akka jiru kan argisiisu, inni araara, bofa sibiila diimaa qaba ture, namoonnis bofa sibiila diimaa sana ilaalanii ni fayyuu turan.

⁵³ Akkasumas Dhagaan rukutame tokko isa hordofaa ture. Sunis Waaqayyoon mul'isa ture, Bishaan Jireenyaa isaan gidduu tursiisuuf, akka isaan hin badne Jireenya bara baraa akka qabaataniif, gammachuu fi fayyina qabu turan. Innis gosa. . . Dhagaan lafa onaa keessatti rukutame sun fakkeenya Kiristoos rukutamee ture.

⁵⁴ Sana booda, sarara kakuu irra adeemaa turan. Amala Waaqayyoo agarsiisuutti, sun mul'ina kan biraa ture. Inni kan biraan kun hamma Dubbicha waliin bu'uura ta'us; inni bu'uurummaanis, dabalataan adda bahuudhaanis, amalli Waaqayyoo isaan gidduu ture. Waaqayyo ofii Isaa mul'ise. Raajota lama, lamaan isaanii iyyuu raajota, lamaan isaanii iyyuu bu'uura qabu; Waaqayyo garuu amala isaa Musee keessatti mul'ise, sababni isaa amala Waaqayyoo of irraa waan qabuuf.

⁵⁵ Amma, ammas, amalli Waaqayyoo yeroo hundumaa uumamaan olidha, sababiin isaas Inni uumamaan olidha. Waaqayyo uumamaan ol kan ta'edha. Yeroo hundumaa, yaada ammayyummaa, baroota keessa jiruun waan hin baratammedha. Isinis beektu. Waaqayyo yeroo hundumaa seerota, baroota hunda dhaabbatoota amantii darban—hundumaa jalaa gufachiiseera.

⁵⁶ Kanaaf dhuunfaanis ta'u gareen namootaa naannoo ergaa irratti of gurmeessanii garuu waan du'anii sheelfii irra deemaniif, lammata deebi'anii hin ka'an. Seenaa keessas hin jiru. Luuteraanonni, Piresbiteriyaanonni, Meetodistoonni, Baaptistootni, warri Phenxeqoosxee, fi kkf, gurmaa'uuf yeroo deemanitti, lammata gonkumaa hin kaane.

Waaqayyo kan hojjetu namoota dhuunfaa wajjini.

⁵⁷ Hubadhaa, Inni akkasitti yaaduun kan hin baratammedha. Argituu, shaakalaan fudhatamna, *akkasitti* Itti amanuutu nurra jiraata. Sana booda Waaqayyo Sagalee Isaa isa abdachiise qabate dhufa, Sagalee sana keessattis ofii Isaa mul'isa. Gareen *kun* garuu sababa Itti hin amanneef, gara Isaatti deemuu hin danda'u. Argitanii, Isa irraa of kutanii adda ba'u.

⁵⁸ Akkuma Yooseef, innis ilma Daawitii, fi nama gaarii ture, Yooseef abbaa manaa Maariyaam. Inni nama gaarii ture, akkasumas Macaafa Qulqulluu, maraa kitaabaa, itti fufiinsaana akka dubbisu hin shakkisiisu, sababiin isaas. . . dhufa Masihiichaa eegachaa ture, akkasumas Caaffanni Qulqullaa'aan sun akka raawwatamuuf maal akka jedhe beekuu qaba ture. Isaayyaas akkas jedhe, “Durbi ni ulfoofti.”

⁵⁹ Tole, amma, intala xiqqoo kana, Maariyaam, tarii umuriin ishee waggaa kudha saddeet ta'e kana waliin deemaa ture, tarii immoo xiqqoo caaluun isaa hin oolu. Sana booda yeroo

wal fuudhuuf wal kaadhimmatanitti, haadha taatee argamte. Amma Yooseef kana fudhachuudhaaf waan ulfaataa ture. Shakkii malee akka Gabri'eeliin isheetti dubbate Maariyaam itti himteetti. Garuu akkaataa amala isaatti, akka inni shakke ni hubanna.

⁶⁰ Amma osoo wal hin fuudhin haadha taatee argamte. Egaa, Macaafa Qulqulluu keessatti, adabbiin isaa dhagaadhaan rukutamanii, du'uudha. Dubartiin hin heerumne haadha ta'aa waan jirtuuf, dhagaadhaan rukutamu qabdi turte. Israa'el keessa sagaagalummaan hin turre. Akka badu godhameera. Kanaaf Keessa Deebii keessatti, kana kan nutti himu, ni arganna.

⁶¹ Ammas kan nuti argannu, Maariyaam, gocha isheetiif akka gaachanaatti Yoseefitti fayyadamuuf kan yaaltu qofa fakkaata. Sababni isaa, osoo wal hin fuudhin dura haadha taatee yoo argamte, egaa isheen dhagaadhaan rukutamti, amma nama gaachana ta'ee isheef dhaabbachuu danda'u qabaachuu qabdi. Sunis, waan baay'ee, isheen hojjechuuf yaalaa jirtu fakkaata ture.

⁶² Yooseef garuu ija ishee isa gurguddaa bareedduu keessa ilaalaa, isheenis, "Yooseef, Gabri'eel akkas naan jedhe, 'Hafuurri Qulqulluun sirra dhufee si golga, Inni kan ati irraa ulfoofta—Hafuura Qulqulluu irraati. Inni Waaqayyoodha. Innis "Ilma Waaqayyoo" jedhamee kan waamamuuf deemudha." Akkasumas, Yooseef, inni—inni—inni sana amanuu barbaadeera, garuu baay'ee kan hin baratammedha. Kanaan dura akkas ta'ee hin beeku.

⁶³ Har'as akkasuma. Osoo dandeenyee. . . Waanuma fedheyyuu hata'u osoon karaa namoonni itti argan godhu qabaadhee waan hin baratamne ta'uu isaa, yoo Sagaleen adda baafama ta'e, amalli isaa maal akka ta'e mirkaneessa. Waaqayyo hojii irra jira.

⁶⁴ Yooseef kana beekuu qaba ture. Silaa "Durbi ni ulfoofti," kan jedhu beekuu qaba ture. Garuu waa'ee kanaaf amanamaa ture. Inni ishee ofi irraa dhiibuu hin barbaanne, garuu dhoksaadhaan, inni—dhiisuu yaade.

⁶⁵ Sana booda Ergamaan Gooftaa abjuudhaan itti mul'ate. Maaliif abjuudhaan itti mul'ate jettanii yaaddanii beektuu? Bara isaanii raajonni hin turre. Abjuun isaanii baayyee salphaa ture, hiika tokkollee hin barbaadu. Akkas jedhe, "Yooseef, yaa ilma Daawit, Maariyaam haadha manaa kee ofitti fudhachuu hin sodaatin, isheen kan ulfoofta Hafuura Qulqulluu irraati." Ilaalaa, sana booda, kun isa tasgabbeessa. Argitanii, Inni karaa lammaffaa, abjuudhaan gara isaa dhufe. Garuu, argituu, raajiin Sagalee, sana, "Durbi ulfooftu ishee kana," jedhee adda baasu achi hin turre. Argitanii? Kanaaf, sababa, Inni amanamaa fi qajeelaa fi nama gaarii ta'eef, abjuudhaan itti mul'ate.

66 Waaqayyo immoo karaa tokkoon, gara nama gaarii kamiyyuu akka dhufu nan amana, akkasumas gocha isaa nama gaarii sanatti, bara sanaaf itti mul'isa, yoo namni sun bara sanaaf Waaqayyoon waamame.

67 Amma garuu, baay'ee waan hin baratamne waan ta'eef, salphaatti fudhachuu hin dandeenye. Garuu, yeroo hunda, Sagaleen barichaaf abdachiifame kan inni ittiin mul'atu, kan hin baratamneenidha.

Amma tarii namoonni tokko tokko naanna'anii dhufanii, "Tole, *kun* waan hin baratammedha, sun Waaqayyodha. *Kun* waan hin baratammedha," jedhu.

68 Garuu, argitanii, Sagalichaan adda baafamuu qaba, Sagalichis Waaqayyodha. Argitanii? Sana booda amala adda baafamu kanaan eenyu akka ta'etu adda baafama, 'sababni isaas Waaqayyo, "*Kun* ni ta'a" jedheera, ni ta'a. Argitanii? Amalli isaas Sagaleen Waaqayyoo amala waan ta'aa jiruun adda baafama.

69 Bara dhumaatti Hafuura Qulqulluu akka dhangalaasu Inni dubbateera. Innis raawwateera. Sagalee Isaan waadaa galee, amalli Isaas Waaqayyo ta'uu isaa mul'iseera. Ilaalaa, yeroo hunda of mul'isa.

70 Amma, yeroo hunda, sa'a hunda, yeroo Sagaleen dogoggora jedhamee dubbatamu, jecha sana sirreessa. Hubattanii beektuu? Bara Nohi, kan bara saayinsii sana sirreesse, Waaqayyo bishaan waaqa keessaa gadi roobsuuf ture. Yeroo hundi isaanii Gibxii keessa qubatan, fi kkf kan sirreesse Musee ture, ilaalaa, garuu Sagaleen Waaqayyoo mul'ifamuuf dhufuu qaba ture. Dhugaan Sagalichaa dogoggora sirreessa.

71 Mee waa tokkon isin gaafadha. Asitti xiqqoo gadi fageenyaan ilaalla. Ani barsiisa ykn barumsa amantii lallabuu hin qabu, garuu mee waan tokko qofan isin gaafadha.

72 Yesuus Sagalee ture. Sana ni beekna. Macaafni Qulqulluun akkas jedheera. Wangeela Yohaannis, boqonnaa 1 irratti, "Jalqaba Sagaleetu ture, Sagalichis Waaqayyo bira ture, Sagalichis Waaqayyo ture. Sagalichis foon ta'ee nu gidduu buufate." Inni ammayyuu Sagaleedha. Sana booda yeroo Inni yaada isaanii hubachuu danda'u, sun sun Sagalee akka ta'e beekuu qabu turan, sababni isaas Sagaleen Waaqayyoo akkas ni godha jedheera. Inni Raajii ture.

73 Amma hubadhaa, yeroo Inni dhalatee, gara waggaa kudha lamaatti kan nuti argannu, Inni gara dunkaana ayyaanaatti ol ba'e. Isaanis Ayyaana Faasikaatiif achitti ol ba'ani. Akkasumas, osoo deebi'anii karaa irrattis, imala guyyaa sadii deemanii Isa dhaban; akka Inni firoota isaanii bira jiruutti hubatanii, yaadanii, ykn tilmaamanii fudhatan.

⁷⁴ Sana irraa barumsa argachuu dandeenya. Har'as akkasuma baay'eedha! Amma isin Meetodistiin, Baaptisiitiin, Pirisbiteriyaaniin, Luteraaniin, Kaatolikiin, waanuma fedhe yoo taatan, ilaalaa, waanuma sana irra deebi'aa jirtu. Wesley sochii hafuuraa guddaa waan taasiseef fudhachaa jirtu, Luuter sochii hafuuraa guddaa waan taasiseef, ykn Pheenxeqoosheen sochii hafuuraa guddaa waan godhaniif, Inni namoota gidduu akka jirutti hubattu, yeroo, yeroo tokko tokko garuu Inni hin jiru.

⁷⁵ Isa barbaaduuf deemani. Eessatti Isa argatan? Bakka Isa dhiisanii deeman, Yerusaalemitti. Yeroo Isa argatan immoo, Inni maal hojjechaa ture? Mucaa xiqqaan, waggaa kudha lamaa, tarii waan haati Isaa Isa barsiifte caalaatti mana barumsaa seenee hin beeku; kunoo Inni immoo mana qulqullummaa keessa ture, luboota sanaa wajjin, waa'ee Sagalee Waaqayyoo falmaa ture. Ogummaa Mucaa kanaas ni ajaa'ibsiifatan. Maaliif? Inni Sagalee ture. Amma ilaalaa.

⁷⁶ Ammas isiniin namoota Kaatolikii Maariyaam haadha Waaqayyooti jettan salphisuuf miti, garuu mee asitti dogoggora xiqqoon isinitti agarsiisa. Yoo waldaan Maariyaam irratti ijaarante, waan ta'e ilaalaa. Amma ol dhuftee akkas jette, "Ooh anii fi abbaan kee boonyee, Si barbaadaa jirra." Ibsa kana ilaalaa, kana booda isheen ragaa ofii isheetiitti faradde. Isheenis, "Anii fi abbaan boonyee, Si barbaadaa jirra" jette.

⁷⁷ Sagalee kana ilaalaa. Inni Sagalee ture. Innis, "Hojii Abbaa koo irratti argamuun akka Narra jiru hin beektanii?" jedheen. Sagalee dogoggora sirreessaa jiru ilaalaa. Achuma luboota sana duratti, dhugaa ba'umsa ishee balleessite. Hafuura qulqulluun akka ulfoofte dubbattee, asitti immoo Yooseef "abbaa" Isaati jette. Sagaleen sun arifatee qabuusaa argitaa? Inni Sagalee ture. Amma, mucaan waggaa-kudha-lamaa akkas akka hin goone beektu. Inni Sagalee ture. Inni Sagalee dubbatame bara sanaa waan ta'eef, kanaaf amalli Waaqayyoo mul'ifame Kiristoos keessa ture. Dogoggora jiru sirreesse. Akkas jedhe. . .

Isaan, "Maaliif, nuti duuka buutota Museeti" jedhan. Argituu?

⁷⁸ Innis, "Osoo duuka buutota Musee taatanii, Ana beektu turtani. Inni waa'ee Koo barreesse. Museen, 'Waaqayyo Gooftaan keessan Raajii akka koo isiniif kaasa.' Osoo Musee beektu ta'ee Na beektu turtani."

⁷⁹ Akkasumas, ilaalaa, yeroo hundumaa Sagalichi dogoggora barootaa ni sirreessa. Ummanni garuu itti amanuu hin barbaadan. Isaan wanuma wal fakkaatutti, rarra'u

⁸⁰ Yesuus garuu haadha Isaa sirreesse. Haati Isaa dogoggora keessa turte, 'sababni isaas Mucaan ishee keessatti ulfaa'ame kan Hafuura Qulqulluun ta'uusaa isheen duraan dubbattee turte, asitti immoo dhugaa ba'umsa ishee garagalchitee Yooseef

“abbaa” akka ta’ee, abbaa—Yesuus jettee dubbatte. Amma yoo—yoo Yooseef. . .

⁸¹ Inni Osoo ilma Yooseef ta’ee, osoo hojii abbaa Isaa irra jiraatee, Inni-mana mukaa keessa jiraachuu qaba ture.

⁸² Garuu Inni gubbaa Mana Qulqullummaa keessatti, waa’ee hojii Abbaa Isaarra ture, dhaabbilee sana ceepha’aa ture. Argitanii? Inni waa’ee hojii Abbaa Isaarra ture, Mucaa waggaa-kudha-lamaati. “Hojii Abbaa koo irratti argamuun akka Narra jiru hin beektanii?”

⁸³ Yeroo Yesuus Seexanaan qorame hubattaniittuu? Amalli isaa achitti, yeroo Inni qorumsa keessa turetti, Waaqayyo ta’uun Isaa mul’ifameera, sababni isaas Sagalee wajjin dhaabbate. Argitanii? “Akkas jedhamee barreeffameera,” jedhe Seexanni.

Yesuusis, “Akkas jedhamees barreeffameera” jedhe, Sagalee wajjin dhaabbate.

⁸⁴ “Waaqayyo, yeroo adda addaatti,” asii dubbisna. “Waaqayyo, yeroo adda addaatti,” kunis bara duriitti, “karaa adda addaa,” karaa hedduu, “mul’ataan raajota Isaatti ofii Isaa mul’iseera.” Sun amala raajii ture, yeroo inni waan tokko dursee dubbatu akkasuma ni ta’a ture. Amma sun Waaqayyo isa waliin akka ture, amala inni ittiin mul’atu ture. Egaa sun bara sanaaf Sagalee akka hiikuuf mirga isaaf kenna, sababni isaa, “Sagaleen Waaqayyoo gara raajotaa dhufa,” kan Inni dursee dubbateef, amala raajichaati.

⁸⁵ Macaafni Qulqulluun akkas jedha, “Namni tokko yoo jiraate, wanti inni dubbate yoo raawwatame, isa dhageessa; garuu, yoo hin taane, isa hin amaninaa, isa hin sodaatinaa, garuu Koo. . . yoo—yoo Sagaleen Koo isa keessa hin jirre. Garuu Yoo raawwate Sagaleen Koo isa keessa jira jechuudha.” Sun eenyummaa isaati. Amalli raajii kanuma.

⁸⁶ Amma Waaqayyo, yeroo adda addaatti, akkasitti amala Isaa kan Ofiisaatii ittiin mul’atu namatti agarsiise, karaa nama raajii ta’uuf waamame tokkoo dubbachuudhaan. Amma, Macaafni Qulqulluun akkas jedha, “Waaqayyo, yeroo adda addaatti, karaa adda addaa, karaa raajotaatiin abbootiitti dubbateera.”

⁸⁷ Akkasumas Pheexiroos isa Lammaffaa keessatti, kan dubbisnu, Sagaleen Waaqayyoo guutummaan isaa jaraan akka barreeffamedha. “Namoonni durii, Hafuura Qulqulluun socho’anii, Macaafa Qulqulluu barreessan.” Isaan raajota turan. Sagaleen gara isaanii yammu dhufu isaanis Isa barreessan, kaka’umsaan, barreessan. Jalqaba irratti raajota adda baafaman turan, achiis isaan—isaan Sagalee kaka’umsaa barreessan, akkasumas namicha keessa Waaqayyo waan jiruuf hiika mul’ata Waaqummaa qabu turan.

⁸⁸ Amma akkasittiin amala ittiin mul’achuu Isaa keessatti Ofiisaa agarsiise, mul’anni isaanii kan mirkanaa’e ta’uu isaatiin,

amala Waaqayyoo isaan keessa tureen, Ofiisaa namootatti beeksise.

⁸⁹ Amma, karaan Inni ittiin Kiristoos keessa ture sana qofadha. Raajii jechuun kutaa xiqqoo qofadha. Kiristoos guutummaa Waaqayyooti. Waaqayyo Kiristoos keessa ta'ee, biyya lafaa Ofitti araarsaa ture. Amalli Isaa immoo, maal akka ta'e Isa mul'isu, hamma Inni akkas jedhutti, "Yoon hojii Abbaa Koo hin hojjedhu ta'e, egaa hin amaninaa. Yoon amala Abbaa Koo hin qabu ta'e, Ana hin amaninaa, ragaa Koo hin amaninaa. Yoon amala Abbaa Koo Of keessaa hin qabaanne, egaa tasumaa, hin amaninaa."

⁹⁰ Amma, amalli Isaa gonkumaa hin jijjiiramuu. Hoo—hoolaan—amala isaa jijjiiruu akkuma hin dandeenye, Waaqayyos amala Isaa jijjiiruu hin danda'u, ykn wanti biraan kamiyyuu amala isaa jijjiiruu danda'a. Sababni isaas, hanga isa jalqabaa isaa keessa jirutti, inni jalqabadha. Yoo waan tokko jijjiirte immoo, jalqaba isaa irraa jijjiirteetta jechuudha.

⁹¹ Akkas jechuun boo-booyyee fudhattee, dhiquu fi—fi akkasumas qeensa isaa qalama dibuu jechuudha, akkuma dubartoonni godhan, dibata hidhiin sirreessitanii, wandaboo bareedaa itti uffisuudha. Sana booda booyyee dulloomtuu gadhiisi, isheen kallattiin gara dhoqqee deemti, ammas gara dhoqqee. Maaliif? Isheen booyyee, kana qofa. Garuu, akkasumas, garuu, beektu, silaa hin gootan turtan. . .

⁹² Hoolaan akkas hin godhu. Dhoqqee sana keessallee hin seenu. Dhoqqee sana biraa homaa hin barbaadu. Amala isaati. Argitanii? Uffata gosa wal fakkaatu uffisuu dandeessu, garuu inni akka hin deemne beekamaadha, akka hin deemne beekamaadha. Bakkeen rakkoo hin qabu; keessodha malee. Amma, Waaqayyo madda jireenya hundumaa ta'uu isaa. . .

⁹³ Kana hubchuuf hin dadhabinaa. Waan na keessa jiru hundaan, waan tokko akka argitaniif, yaalaan jira. Argitanii? Hiriyyoota ko, bu'aa keessaniifi. Waa'ee—keessaniifi. Argituu?

⁹⁴ Ani ilaalamuuf as hin dhufne. Kanaaf as hin dhufne, bakki biraa ani demu hin turre. As dhufuun waan natti dhaga'ameefan as dhufe. Tajaajilli Gooftaan naaf kenne namoota as jiran gidduutti akka mul'achuu qabutu natti dhaga'ame, akkasumas amma Waaqayyo dhuguma maal akka ta'e akka argitan gochuufan yaalaa jira. Inni Sagalee isaa Isa abdachiifame dha. Inni yeroo hundumaa Sagaleedha, Inni amala abdachiifameen Ofiisaa mul'isa. Amalli murtaa'e tokko yeroo murtaa'e keessatti mul'ata, sun Sagalee keessa jira, sana booda amalli nama kanaa kan mul'achuuf ka'ame sun namni sun sana ta'uu isaa adda baasa.

⁹⁵ Yesuus waan ta'e hunda kan Inni ta'eef kanaafidha. Silaa kana arguu qabu turan. Jaamaa ta'uun isaanii nama hin ajaa'ibsiisu. Wantootni. . . Akkas jedhe, Inni dinqii baay'ee yoo hojjete iyyuu, isaan ammayyuu amanuu hin dandeenye, sababni

isaas Isaayaas, “Ija qabu garuu hin argan, gurra qabu garuu hin dhaga’an.” Argituu? Barri hundi, bara Isaa qofa osoo hin taane; garuu barri hundi, akkamitti, “Waaqayyo, yeroo adda addaa, karaa adda addaan,” ammas hubachuu hin dandeenye.

⁹⁶ Amma, amalli Isaa gonkumaa hin kufu. Yeroo hundumaa tokkuma. Amma, amalli Isaa, amalli Waaqayyoo, kufuu hin danda’u, yaadadhaa. Yoo kufe, Waaqayyo kufe jechuudha. Macaafni Qulqulluunis, Ibroota 13:8 irratti, akka, “Yesuus Kiristoos kaleessas, har’as, bara baraan isuma sana” jedha. Kanaaf, Inni Waaqa hin jijjiirammedha. Jalqaba irratti amala qabu kamiyyuu, amma dhuma irrattis sanuma qabaata. Waan kamiyyuu yeroo wayii Inni hojjete, yeroo hundumaa haala sanaan wal fakkaatuun hojjeta. Yoo Inni akkas miti ta’ee, amalli Isaa jijjiirame, ilaalaa, amalli Isaa waan Waaqayyo irraa hin taane agarsiise jechuudha. Argitanii? Kanaaf eessaa akka ta’e hin beeknu. . .

⁹⁷ Akkuma Phaawuloos jedhe, “Yoo fiingeen sagalee hin mirkanoofne kenne, eenyutu lolaaf qophaa’a, yoo fiingeen sagalee hin mirkanoofne dhageessise?” Amma yoo fiingeen sagalee “duubatti deebi’ii” dhageessise, kan nuti gochuu qabnu, duubatti deebi’uudha. Yoo fiingeen sagalee “fuulduratti lolii” dhageessise, kan nuti gochuu qabnu kanuma, fuulduratti loluudha. Garuu Fiingeen maali? Sagalee Waaqayyooti. Maal iyyuu haa ta’uu—haa ta’uu “ol ba’i, taa’i, duubatti deebi’i, itti xiyyeeffadhu,” waanuma fedhe haa ta’uu, Waaqayyoon mul’isuudha. Sagalee Fiingee Waaqayyooti.

⁹⁸ Yeroo Macaafni Qulqulluun wanti mirkana’an tokko ni ta’a jedhu, sagalee mirkanaa’aa hin taanedha jedhu; namni tokko, “Ooh, sun kan bara biraati, sun” jedha. Sana booda sagalee hin mirkanoofnetu achii dhaga’ama. Sana booda maal akka gootan hin beektan.

⁹⁹ Yesuus, “Lubbuu Koo lafa kaa’ee deebisee ol kaasuuif humna qaba” jedhe. Sagaleen hin mirkanaa’in hin jiru.

¹⁰⁰ Dubartiin sunis, “Masiihiin akka dhufu ni beekna; yeroo Inni dhufu immoo, Inni waan godhu hundumaa nutti hima.”

¹⁰¹ Innis, “Ani Isa” jedhe. Sagaleen mirkanaa’aa hin taane as hin jiru. “Ani Isa.” Ha-hah! Ameen.

Isaan, “Abbootiin keenya lafa onaa keessatti mannaa nyaatan” jedhan.

¹⁰² Innis, “Isaan, hundi isaanii, du’aniiru” jedheen. Innis, “Ani garuu Buddeena Jireenyaa Waaqayyo biraa Waaqa irraa dhufedha” jedhe. Sagaleen hin mirkanaa’in hin jiru. “Ani Muka Jireenyaa, iddoo dhaaba Eden irraati.” Lakki, waa’ee sanaa sagaleen hin mirkanoofne hin jiru. Shakkii hin qabu. Waa’ee isaa wanti mirkanaa’aa hin taane hin jiru. Inni waan hojjete hundumaa keessatti mirkanaa’aa ture.

103 Macaafni Qulqulluun sagalee hin mirkanoofne hin kennu. Sagalee Isaa keessatti amala Waaqayyoo mul'isa.

104 Yesuus akkas jedhe, Wangeela Yohaannis 10:37 irratti, “Hojjii Abbaa Koo yoo Ani hin hojjenne, maal. . . amala Abbaa Koo yoon hin qabaanne, egaa Anatti hin amaninaa. Isaan tokkicha, amaloota Isaa, amala Isaa Ana keessa jiru mul'isu.”

105 Sababni isaa, Abbaan Sagaleedha, “Jalqaba Sagaleetu ture, Sagalichis Waaqayyoo bira ture, Sagalichis Waaqayyo ture,” amalli Waaqayyoo immoo bara sanaaf abdii Inni kenneen mul'ata.

106 Amma osoo Inni bara Musee keessa jiraatee, silaa hin hojjetu ture. Museen osoo bara Isaa keessa jiraatee, silaa hin hojjetu ture. Osoo bara Nohi keessa jiraatee, hin hojjetu ture, ykn osoo Nohi bara Isaa jiraatee hin hojjetu ture. Nohi waa'ee guyyaa sanaa raajii dubbachaa ture, akkasumas amalli isaa fi wanti inni hojjete Sagalee Waaqayyoo wajjin isa mul'iseera. Museenis akkasuma godheera.

107 Yesuus immoo ni dhufe, Sagaleen bara sanaaf abdachiifame Yesuus Kiristoos keessatti mul'ifame amala Sagalee, Isa Waaqayyo ta'een. Ameen.

108 Bara dhumaa kanatti, Hafuurri Qulqulluun, namoota irratti dhangala'ee, amala Waaqayyoo namoota biratti mul'iseera. Inni waadaa galeera. Inni Sagaleedha. Inni nan raawwadha jedheera. Eenyuyyuu dudduubatti hin deebisu. Inni nan raawwadha jedheera.

109 Egaa wantoota Inni kakuu gale kun hundinuu, kan Inni raawwatudha. Innis amala Isaa adda baasa. Eeyyee, gooftaa ko. “Yoo amalli koo kan Waaqayyoo ta'uu baate, hin amaninaa, ragaa Koo hin amaninaa.”

110 Amma Yohaannis 14:12 hubadhaa, “Namni Anatti amanu,” Akkas jedhe, “Eenyummaa Koo qaba, Amala Koo. Namni Anatti amanu, hojjiwwan ani hojjedhus ni hojjeta.” Sunis amalli Kiristoos isa keessa akka jiru mul'isa, amala Isaa agarsiisa. Ameen.

111 Ammaa sagaleen koo yoo furdate iyyuu, amantummaan baay'ee natti dhagahameera. Eeyyee, gooftaa ko. Ooh, maay! Ilaalaa, waa'ee Isaa dogoggorri hin jiru! Jireenya Isaa! “Namni Anatti amanu, hojjiwwan Ani hojjedhu ni hojjeta.” Ilaalaa, sun amala mul'isa.

112 Waanuma Inni jedhe: “Amalli Koo eenyummaa koo yoo hin mul'isne,” Waaqayyo Isa—keessa, sana booda Inni. . . Isa hin amaninaa. Amma, Inni sana keessattis akka adda bahu dubbateera. Sana booda, sun, yoo Isa hin mul'isu ta'e, egaa Inni hin dubbanne jechuudha.

113 Akkasumas, har'a, Kiristoos eenyummaa Ofiisaa yoo hin mul'isne, Sagalicha amanuudhaan, kan Kiristoos ta'uu

keenya amalli Kiristoos adda nu baasa. . . Yesuus Sagalee ture, kanaaf Sagalicha amanuu qaba ture. Akkasumas Sagalee Macaafa Qulqulluu kamiyyuu ganaa, akkamitti kan Kiristoosi ofiin jechuu dandeenya? Hafuurri Qulqulluun kan Kiristoos Waaqayyo si keessa jirudha, Innis kakuu hundumaa sirna xuqaa “Ameen” jedhuun xumura. Macaafni Qulqulluun, “Warra amanan mallattoowwan kun ni hordofu.” Hafuurri Waaqayyoo akkana jedha, “Ameen.” Argituu?

114 Isaan keessaa tokko, “Lakki, sun kan bara biraa ture; sun duuka buutota qofaaf ture” hin jedhani.

115 “Gara biyya lafaa hundumaa dhaqaatii uumama hundumaatti Wangeela lallabaa. Inni, addunyaa guutuu keessatti bakka kamitti iyyuu, kan amanu, mallattoowwan wal fakkaataan kun, isa hordofu.” Amalli ittiin adda baafamu, “Kaleessas, har’as, bara baran isuma sanadha.”

116 Sunis Ibroota 1:1 kan jabeessu, “Waaqayyo bara garaa garaatti, abbootiitti raajotaan dubbachaa ture,” Kiristoos har’a, du’aa ka’uu Isaatiin, amala wal fakkaataa bara adda addaatti argisiiseen, adda baasa. Hubatteettaa? Waaqayyo gonkumaa karaa isaa hin jijjiiru.

117 Macaafa Qulqulluu kakuu moofaa keessatti, namni abjuu yommuu abjootu, abjuun sun sirrii ta’uu fi dhiisuu isaa ilaaluuf raajiin biyya sana keessa hin turre, karaa biraa ittiin baran qabu. Eenyu iyyuu abjuu sana haa abjootu, gara mana qulqullummaatti geessu, amala sana fudhataniiru. Gabateen qomaa Aaron, isa hangafa lubaa, utubaa irratti fannifama. Inni abjootu kunis abjuu kana hima. Hammam gaarii yoo ta’e iyyuu, hammam sirrii ta’ee yoo dhaga’ame; Ifni uumamaa ol ta’e dhagaawwan sana irratti yoo hin balaqqeessine ta’e, inni Uuriim Tuumiim jedhamu (Warri Macaafa Qulqulluu dubbisan ni hubatu); sana booda, hammam dhugaa fakkaatee yoo mul’atu na hin dhibu, dhugaa miti. Waaqayyoo hin baratamne, amala Waaqayyoo, amala Isaa kan uumamaa ol ta’e keessatti agarsiisuu qaba ture, Inni ergaa sana irratti Ofiisaa adda baase agarsiisuuf. Ameen.

118 Anis harra akkasuman jedha. Uuriim Tuumiim durii hin jiru, garuu Sagalichi amala Waaqayyoo mul’isu amma iyyuu jira, kakuu bara nuti jiraachaa jirruu kanaaf. Amalli Waaqayyoo kakuu bara nuti keessa jiraannuun mul’ifamee jira.

119 Sun Waaqayyoon akkuma dur ture Isa taasisa. “Yeroo adda addaatti,” ilaalaa, “karaa adda addaatiin, raajotaan abbootiitti dubbateera.” “Seerri fi raajonni hamma Yohaannisitti turan; ergasii, Mootummaa Waaqaa.” “Guyyaa dhumaa kanatti garuu,” hubadhaa, “karaa Ilma isaa Kiristoos Yesuus,” waan duraan dubbate sana dubbate. “Waaqayyo, yeroo adda addaatti, karaa adda addaatiin, karaa raajotaatiin abbootatti dubbate; guyyaa dhumaa kanattis,” waan wal fakkaataa hojjechuudhaan, “karaa

Ilma isaa Kiristoos Yesuus namootatti (abbootatti) dubbachaa jira.” Innis du’aa Isa kaasee, waantota adda addaa nutti himaa, Ofiisaa mul’isaa nu keessa jiraataa, Inni yaada fi akeeka garaa namaa adda baasu. Yesuus Kiristoos kaleessas, har’as, bara baran isuma sana! “Waaqayyo, yeroo adda addaa fi karaa adda addaatti karaa raajotaatiin abbootiitti dubbateera, garuu bara dhumaa kanatti karaa Yesuus Kiristoos ilma isaatiin dubbate.” Caaffanni qulqullaa’aan jijjiiramuu hin danda’u. Inni sirriidha.

¹²⁰ Akkuman kanaan dura jedhe, nama Sagalee kana hiiku kamiyyuu Waaqayyo hin barbaadu. Inni Sagalee Mataa Isaa ni hiika. Yeroo Inni waanuma fedhe dubbatu, ni ta’a, hiikni isaa kanuma. Ilaalaa? “Tole, kana jechuun *kana* akka ta’e nan amana,” nama jedhu hin barbaadu. Waaqayyo hiikkaa Mataa Isaatiin adda baasa.

¹²¹ Kakuun, sun guyyaa sanaaf yoo ta’e, ifa kan—kan—kan Luuter keessa jiraachuu hin dandeenyu, ifa Wesleye keessa jiraachuu hin dandeenyu, ifa warra kaanii kamiyyuu keessa jiraachuu hin dandeenyu. Ifa kakuu guyyaa kanaaf galame keessa jiraachuu dandeenya.

¹²² Osoo Museen Gibxiitti gad bu’ee, akkas jedhee, “Tole, doonii guddaa ijaaruu fi. Biyya kana keessaa yaabbannee baana. Lagni Abbayyaa ol yaa’uuf deema”? Isaan maraa kitaabaa keessaa duubatti deebi’anii ilaalan; sanaaf kakuun hin jiru. Kun sirriidha. Garuu, argitanii, wanti inni dubbate waan raawwatamuuf, inni raajii Waaqayyoo ta’uu isaa of beeksise, sana booda Sagaleen Gooftaa akka wajjin jiru baran. Fara’oon eeboo qaba ture, Museen garuu Sagalee qaba ture. Kanaaf galaana bira yommuu ga’an, eeboon sun hundinuu galaana jala gale; Museen immoo lafa gogaarra, Israa’eliin galaana gamatti ceesise, sababni isaas Sagalee waan qabuuf, inni Sagalee bara sanaa ture. Museen Sagalee bara sanaaf mul’ate ture.

Eliyaas Sagalee bara sanaaf mul’ate ture.

¹²³ Kiristoos Sagalee mul’ate, akkasumas abdii Inni kennedha. “Yeroo muraasa booda biyyi lafaa Na hin argu; isin garuu Na argitu, waan Ani hamma dhuma biyya lafaatti, isin waliin, isin keessa illee jiraadhuuf. Hojiin ani hojjedhu isinis ni hojjettu.” Inni wantoota kana waadaa gale. Kun maali? Akkuma bara hundumaatti godhe, amala Waaqayyo ittiin Sagalee isaa agarsiisudha.

¹²⁴ Milkiyaas 4, akkas jedha, “Guyyaan Waaqayyoo inni guddaaniif sodaachisaan osoo hin dhufin, kunoo, ani Eliyaas raajii gara keessaniitti nan erga; guyyaan sun osoo hin dhufin dura, amantii ijoollee gara abbootiitti ni deebisa.” Inni waadaa galeera.

¹²⁵ Yesuus akkas jedhe, Wangeela Luqaas boqonnaa 17ffaa irratti, “Akkuma bara Sodoom ture, dhufaatiin ilma namaatti, yeroo Ilmi namaa mul’atuttis akkasuma ta’a.” Yeroo mul’anni

ofumaa ifa bahaa jirutti, bara biyyi lafaa akka Sodoom ta'aa jirtutti, maaltu ta'a? Amalli Caaffata Qulqullaa'aa sun raawwatamuu isaati. Waaqayyo amala Isaatiin, amala Isaa isa yeroo hundumaa qabuun Ofiisaa adda baasa. Sana dhiisuu hin danda'u.

¹²⁶ Guyyoota dhumaatti, karaa Ilma Isaa mul'ate. Waaqayyo yeroo hundumaa kana akkamitti akka godhu hubadhu... akkuma Inni al-... Inni karaa Isaa gonkumaa hin jijjiiru.

¹²⁷ Namoonni sadan kun kan Abrahaam wajjin haasa'an, akkuma amma achitti dubbanne, bara Sodoomitti.

¹²⁸ Abrahaam nama Waaqayyoon amane ture. Inni kakuu isaatiin Waaqayyoon fudhate. Yeroo Waaqayyo isa waametti, Saaraan, haati manaa isaa, waggaa jahaatamii-shani, Abrahaam waggaa torbaatamii-shani. Innis akka jarri-daa'ima argatan dubbate; Abrahaam Saaraa irraa mucaa akka godhatu. Xiqqoo qoosaa fakkaachuu danda'a, garuu isheen caammaa xiqqoo fi ashaangulliitii qabatee akka isheen-eggdetu natti dhaga'ama, fi waan hundumaan, qophoofttee, sababiin isaa daa'ima kana godhachuutti waan adeemaniif.

¹²⁹ Guyyoota digdamii-saddeet jalqabaa booda, maaliif, Abrahaam Saaraadhaan, "Maaltu sitti dhagahama, jaalallee koo?" jedheera ta'a.

"Kanarraa adda miti."

"Ulfinni Waaqayyoof haa ta'u, qabaachuuf jirra, waan fedhe haa ta'u."

"Akkamitti beekta?"

"Waaqayyo jedheera."

Waggaan tokko darbe. "Maaltu sitti dhagahama, jaalallee koo?"

"Waan addaa hin jiru."

"Argachuuf jirra, waan fedhe haa ta'u. Waaqayyo jedheera."

Waggaan shan darbe. "Amma maaltu sitti dhagahamaa jira, jaalallee koo?"

"Waan addaa hin jiru."

"Argachuuf jirra, waan fedhe haa ta'u. Waaqayyo jedheera."

¹³⁰ Maal ture? Kakuu Waaqayyoo qaba ture. Waaqayyoon amane, akka Waaqayyoottis hojjete: Sagalee abdachiifame qabate. Isa...

¹³¹ Waggaan digdamii-shan darbe. Caammonni sun keelloo ta'aniiru, garuu ammallee qabatee turte. Amma dulloomeera, gugguufeera, bifa suukaneessaa keessa jira; gadameessi Saaraas akka gaariitti du'eera, maseena ta'eera. Haala akkamii keessa jiru!

¹³² Hiriyoonni isaa amantoonni-sobaa, “Abrahaam abbaa sabaa, maaltu sitti dhagahama?” ittiin jedhu turan.

¹³³ “Tole, Waaqayyoo ulfinni haa ta’u, gaarii dha. Daa’ima godhachuuf jirra, waan fedhe iyyuu haa ta’u.” Sababni isaa amantii dhabinaan abdii Waaqayyo kenneef irraa waan hin raafamneef; garuu waan Waaqayyo jedhe, Waaqayyo raawwachuu akka danda’u guutummaatti waan amaneef, Waaqayyoo galata kennaa, jabaataa ture. Ameen. Amalli nama amane ni jira.

¹³⁴ Isin hoo? Argituu? Nuti, ijoolleen Abrahaam hoo? Sagalee Waaqayyoo wajjin adda baafamneerraa, akka abdichaatti, amalli keenyas nuun adda baasa, nuyi dhugaadhaan Isa ni amannaa? Moo, asii-achi jechuu qofa, *asi* irraa utaallee, *asitti* utaallee, *asii* gadis, tilmaamaa, akkasumas asii-achi naanna’uunii, waa’een Isaa? Egaa, nuti Kiristaana miti, amantoota fakkeessitootadha.

¹³⁵ Garuu, dhugumaan yeroo kakuu sana irra dhaabbannu, sirriitti dhaabannee Isaa wajjin haa turru! Abrahaam akkas godheera.

¹³⁶ Amma gaaf tokko nama sadii deemaa, dhufaa jiran, arguu isaa arganna. Macaafni Qulqulluun asitti, “Guyyaa saafaa keessa ture” jedha, gara sa’aatii boodaa ta’uunsaa hin hafu. Namichi kun ol deemaa dhufee isa waliin haasa’e. Isaan keessaa lama Sodoomitti akka gad bu’an ni hubanna. Halkan darbe irratti dubbanneerra jedheen amana. Isaan keessaa Tokko isa biratti hafe.

¹³⁷ Nama inni waame ilaalaa . . . kan isa biratti hafe kana, waan Namni kun hojjete. Tokko Eeloohiim ta’uun isaa, amala Isaatiin adda baafameera.

¹³⁸ Eeloohiim, jecha Macaafa Qulqulluu keessaa isa jalqabaati, “Jalqaba irratti Waaqayyo. . .” Amma, hayyoonni kamiyyuu jechi *Waaqayyoo* jedhu hiikni isaa, afaan Ibrootaatiin, akka “Eeloohiim” ta’e ni beektu, kana jechuun, “kan Hundumaa Danda’u, *Hundumaa Kan Gahu*, Ofii-kan Jiraatu,” gargaarsa nama biraa hin barbaadu, hiikkaa namaa hin barbaadu, Kan Ofii Isaa hojjeta. Inni Waaqa Hundumaa Ga’u, bakka hundumaa kan jiraatu, waan hundumaa kan beeku, waan hundumaa kan danda’u, Inni Waaqayyo dha.

¹³⁹ Inni achi ture. Abrahaam immoo amma, paatiriyaarkichi Sagalicha qabate kun, Nama kana ilaale. Namichi kun dugda Isaa gara dunkaanaatti garagalche, akkana jedhe, “Haati manaa kee, Saaraan eessa jirti?”

Innis, “Isheen dunkaana keessa jirti, Si duubaan jirti” jedhe.

¹⁴⁰ Innis, “Akka yeroo jireenyaatti si yaadachuufan jira, mucaa ani kakuu siif gales ni argatta” jedheen.

141 Saaraan immoo kana irratti kolfite. Inni isa waliin haasa'aa tures, waan Saaraan dunkaana keessatti, Isa duubaan dubbatte itti hime.

142 Amma, Seera Uumamaa keessaa, sana ni dubbiftu. Sana booda, Namichi kun erga Of adda baasee booda, Abrahaamiin arganna . . .

143 Maal ture? Ibroota, boqonnaa 4ffaa, lakkoofsa 12ffaan, akkas jedha, “Sagaleen Waaqayyoo qara qaba, billaa qara lamaan qarame caalaa humna kan qabu, yaadaa fi akeeka garaa namaa kan adda baasudha.”

144 Namichi kun Isa akka ta'e ni beeka ture. Biyyicha keessa isa malee raajonni akka hin jirre ni beeka, kanaafis Sagaleen Gooftaa gara isaa dhufe. Inni raajii ture, Sagaleenis kunoo gara raajii dhufa.

145 Yohaannis cuuphaanis kanuma. Waggaa dhibba afuriif raajiin tokkollee hin turre. Nan yaadadha . . .

146 Tarii Doktorri durii Deewis galgala kana, as taa'ee jira, lallabaa durii Misiyoonaa Cuuphaa kan Amantiitti na cuuphedha. Duraan na waliin falmaa ture. Innis, “Biilii, amma ati daa'imadha. Na dhaggeeffachuu qabda” jedhe.

Anis, “Tole, Obboleessa Deewis, dhaggeeffachaan jiran” jedheen.

147 Innis, “Argitee, Yohaannis hin cuuphamne. Kaan immoo cuuphaa ture, garuu hin cuuphamne; namni isa cuuphuuf malu hin turre” jedhe. Sun ti'ooloojii Baaptistii gaarii dha. “Kunoo Yesuus immoo dhufee, akkas jedhe . . . Yohaannis, ‘Ani Siin cuuphamuun na barbaachisa; maaliif gara koo dhufte?’ jedhe. Innis, ‘Akkas akka ta'uuf hayyami’ jedheen.” Innis, “Sana booda yeroo inni ‘hayyamu’ Isa,” “argituu, sana booda Yesuus Yohaannisiin cuuphe, jedhe. Bishaan keessaa yeroo Inni bahu immoo, samiin banamee Waaqayyoo bifa gugeetiin, ‘Kun Ilma Koo jaallatamaa, Isa keessa jiraachuu kootti gammadeera’ jechaa, gadi bu'ee Isa irra taa'uu Isaa argeera, jedhe.” Garuu, lakki, Doktor Deewis waliin walii galuu dhabuu miti, garuu dogoggora ture.

148 Argituu, Yohaannis raajiidha, Sagaleen yeroo hundumaa gara raajii dhufa. Kanaafuu Sagalichi foon yoo ta'e, akkamiin iyyuu, gara raajii dhufuu qaba; 'sababni isaas, inni Sagalicha dhugaa ba'aa ture, amalli isaa iyyuu akkas adda isa godhe. Kunoo Sagaleen dhufeera, amma maaltu ta'e? Akkuma fuula Yesuusitti dhufeen, Yohaannis akkas jedhe, “Siin cuuphamuun na barbaachisa; maaliif gara koo dhufte?”

149 Yesuus, “Akkasitti qajeelummaa hundumaa raawwachuun (nuuf ni ta'aa) waan ta'eef, akkas akka ta'uuf hayyami” jedheen. Yohaannis raajii ta'uun isaa; Innis Sagalee ta'uu isaati. Inni Aarsaa ture, tajaajila Isaa isa lafaa irraa eegaluuf haala

sirreessaa ture, akkasumas Aarsaan sun osoo hin dhiyaatin dhiqamuu qaba ture. Yohaannis kana waan beekuuf, 'Isa cuuphe. "Akkasitti qajeelummaa hundumaa raawwachuun nuuf ta'a waan ta'eef, akkas ta'uuf hayyami." Aarsaan osoo hin dhiyaatiin dura dhiqamuu qaba ture, kanaaf Yohaannis Isa cuuphe. Yesuus miti kan Yohaansiin cuuphe. Yohaannis Yesuusiin cuuphe. "Akka akkas ta'uuf hayyame."

¹⁵⁰ Hubadhaa, Abrahaam as ture, Sagalee Gooftaa qaba ture. Sagaleen Gooftaa gara isaatti dhufe. Inni raajii ture. Amma immoo kunoo Sagaleetu dhufe. Innis "Abrahaam" jedhee isa waame, *Abraam* miti.

¹⁵¹ Sana dura guyyoota muraasa dura, maqaan isaa Abraam—Abraam jedhama ture, amma Abrahaam ta'eera. Haati warraa isaa Saarii turte, amma "Saaraa" ta'eera, S-a-r-r-a miti; S-a-r-a-h dha. (A-b-r-a-h-a-m) A-b-r-a-m osoo hin taane, A-b-r-a-h-a-m, Abrahaamidha.

¹⁵² Namichi kun, yeroo "Abrahaam" jedhutti immoo, Ofii Isaa adda baase! Ooh, maay!

Abrahaam "Eeloohiim!" jedhe!

¹⁵³ Sagalee fi raajiin, walii wajjin jiru, amalli lamaan isaanii mul'ateera.

¹⁵⁴ Eeloohiim, Inni akkas jedhe, "Haati manaa kee Saaraan, eessa jirti?"

¹⁵⁵ Jedheeniis, "Isheen dunkaana keessa, Si duubaan jirti." Akkasumas kan...Sana booda dinqiin sun raawwatame. Eeloohiim! Abrahaam, "Waaqa Hundumaan Ga'aa, Hundumaa kan Danda'u, Waaqa hundumaa qabu," jedhee Isa waame.

¹⁵⁶ Yesuus akkas jedhe, yeroo Inni lafa irra ture, akkuma Eeloohiim hojjetetti Innis hojjete. Amalli Isaa sunis Waaqayyoon ta'uu isaa mul'ise.

¹⁵⁷ Innis dursee, akkas jedhe, "Bara dhumaatti, yeroo dhufaatii Ilma namaa, yeroo Inni mul'atutti, haalli kun akkuma Sodoomitti ta'e. ammas ni raawwatama." Eeloohiim saba Isaa keessaa, Waaqa hundumaa danda'udha! Caaffanni Qulqullaa'oon akkas jedha. Eeloohiim namoota keessaa!

¹⁵⁸ Waggaa afurtamaaf Eeloohiim, Waaqayyo, Hafuura Qulqulluudhaan nu cuuphaa ture! Waldaan immoo. . .

¹⁵⁹ Ilaa, Abrahaam mallattoo tokko arge, waamicha biraa; mallattoo, waamicha; waamicha, mallattoo; ilma abdachiifame sana eegaa jira. Garuu mallattoon inni dhumaa inni arge, kan dhumaa irratti mul'ate, ilmi abdachiifame sun osoo hin dhufin dura daawwannaan Waaqayyoo inni dhumaa, karaa foon namaatiin Eeloohiim ture. Sana booda ilmi abdachiifame ni dhufa.

160 Sanyiin Abrahaam immoo Ilma abdachiifame, Yesuus Kiristoosiin eeggachaa jira. Akkasumas mallattoolee, Hafuurri Qulqulluu dhangala'uu, afaan biraatiin dubbachuu, fayyina Waaqummaa, fi kkf arganiiru. Ilmi namaa yommuu mul'atu garuu, Eelohiim gara Sanyii mootii Abrahaamitti deebi'ee waanuma Inni guyyaa sanatti agarsiise sana agarsiisa, ameen, Eelohiim, akkuma ture! Maaliif? Inni amala Waaqayyoo ta'a.

161 Amma, Kiristoos yoo Waaqayyoo ture, "Yeroo muraasa booda biyyi lafaa Na hin argu; isin garuu Ana ni argitu, Ani isinii wajjin, isin keessa illee nan ta'a, hamma xumuraatti, hamma dhumaatti. Hojiin Ani hojjedhu isinis ni hojjettu."

162 Yesuus akkas jedhe—Luqaas boqonnaa 17ffaa irratti. Tole, amannee guyyoota dhuma kana yeroo ilaallu, kun ammas deebi'ee ta'uuf mijataa jira.

163 Kanaaf, Ibroota 1:1, "Waaqayyoo, yeroo garaa garaatti karaa raajotaa Ofii isaa mul'iseera, bara dhuma kanattis du'aa ka'uu Ilma Isaatiin du'aa ka'uu mul'iseera," amala Inni qabu ture sana Waldaadhaaf kennuudhaan, Ibroota 13:8 sirriitti mirkaneessuudhaani.

164 Sana keessaa baalleen tokkollee buqqa'uu hin danda'u. Sun baallee joo biraati. Isaan simbirroo samii waan ta'aniif, walitti qabatanii hafu. [Teeppii irratti bakka duwwaa—Ed.]... nyaata joo biraa nyaachisu.

165 Amma akka hubannetti, "Baroota garaa garaatti, karaa adda addaatiin, abbootatti karaa raajotaatiin dubbateera, bara dhumaattis karaa Ilma Isaa Yesuus Kiristoosiin dubbateera, du'aa Isa kaasuun." Kunoo amma immoo waggaa kuma lama booda, raajota keessaa tokko kan hin taane, Yesuus innumti sun nu gidduu jira; Yesuus, haaleluuyyaa, Ilma Waaqayyoo Isa du'aa ka'e!

166 Yesuus akkas jedhe, gaaf tokko, akkas jedhe, "Dhaloonni hamoo fi ejjituun milikkita barbaadu, milikkitas ni argatu." Dhaloota hamoo fi ejjituu. Bara kana caalaa, biyyi lafaa yoom hamoo, ykn ejjituu fi jal'oo turte?

167 "Akkuma bara Yoonas ture, akkuma Yoonas guyyaa sadii fi halkan garaa qurxummii galaanaa keessa ture, akkasuma Ilmi namaa halkan sadii fi guyyaa sadii garaa lafaa keessa jiraachuu qaba."

168 Sana boodas, "dhaloonni hamaa fi ejjituun" mallattoo argata. Mallattoo akkamii? Mallattoo du'aa ka'uu. Har'as qabna, waggaa kuma lama booda, Inni hanga har'aa illee jiraataadha. Inni nu gidduu jira, galgala kana, kaleessa, har'as, bara baraan isuma sana, amala Waaqayyootiin Ofiisaa mul'isaa jira, guyyaa Inni raawwachuuf kakuu gale kana keessatti Sagalicha mul'isuudha. Ameen.

169 Sagaleen jira. Amma mallattoo sana ni amantuu? kun waan itti aanudha, guyyoota dhumaatti, Ilma Isaatiin mul’achuu Isaati. Hubadhaa.

170 Waaqayyo yeroo adda addaatti Museetti dubbateera. Keessa Deebii 18:15 irratti, “Waaqayyo Gooftaan keessan Raajii akka koo isiniif in kaasa,” jedhe. Amma ilaalaa. Sagalichi kanuma. Sun Sagaleedha. Sun Waaqayyoon ture. Sun Musee hin turre. Museen kana akkamitti beekuu danda’a? Inni nama. Waaqayyo garuu, karaa Musee, akkas jedhee dubbate. Kana ni amantuu? Tole.

171 Amma Yesuusiin hubadhaa, amalli Isaa—Isaa Sagaleen abdachiifame dhugaa akka ta’e mul’isan. Inni sirriitti akkas godheera. Museen ni ta’a kan inni jedhe amala isaatiin isa akka ta’e adda baafame.

172 Baay’een isaanii, akkuma har’aa, geggeessaa guddaa wayii arguu barbaadu. “Ooh, kun Doktara Ph ti. *Kanaa-fi-kana*. Inni Yuunivarsiitii Hartifoordi irraa ba’e.” Ykn, “Inni bakka guddaa akkasii wayii keessaa ba’e.” Waaqayyo sanaan adda hin baafamu. Lakki, lakki. Waa’ee isaa miti. Waaqayyoon kan adda baasu Sagaleedha. Argitanii?

173 Yesuus hayyuu hin turre, lubas hin turre, akkasumas biyya lafaaf, Inni raabbiin hin turre. Inni biyya lafaaf, gantuu ture.

174 Waaqayyo garuu karaa Isaa Sagalee Isaa mirkaneessaa ture, kunis Amaanu’eeliin Isa taasise. Kun adda Isa baasa ture. Amma, asitti, yeroo garaa garaatti Waaqayyo karaa Musee nan godha kan Inni jedhe, kan Inni godhu, Yesuus sirriitti guuteera.

175 Akkuma yeroo darbe haala diraamaatiin goone, yeroo Inni Pheexiroosiin wal arge ilaalaa, yeroo Inni Pheexiroosiin wal argee maqaan isaa Pheexiroositti himu. Mallattoon kun ragaa Masihummaa Isaa, Pheexiroositti mul’isudha, sababni isaas Sagaleen, “Waaqayyo Gooftaan keessan Raajii isiniif ni kaasa” jedha.

176 Pheexiroos ol dhufe, inni yeroo sana Simoon ture, bakka inni jirutti ol dhufe. Yesuus immoo isa ilaalee, “Maqaan kee Simoon jedhama, ati ilma Yoonas dha,” jedheen. Sunis amala Kiristoos Sagalee isa Museen abdachiise sana ta’uu isaa mul’iseera. Pheexros mallattoon sun Yesuus Masihii ta’uusaa kan argisiisu ta’uusaa hubateera. Bara dhumaaf kan dibame, “Waaqayyo Kiristoos keessa ta’e.” Naatinaa’eliif. . . Yaadadhaa, Inni Simoonitti maqaa isaa hime.

177 Amma, ilaalaa, Inni Naatinaa’eelitti waan inni hojjete hime. “Yeroon si argu muka jala turte.” Kun Inni Masihicha ta’uu mul’iseera.

178 Innis, “Ati Ilma Waaqayyooti. Ati Mootii Israa’elidha” jedheen. Inni amala Sagalee abdachiifame kan Masihichi ta’uu

qabuun addaan baafame. “Waaqayyo Gooftaan keessan Raajii isiniif ni kaasa.”

179 Inni dubartiin boolla bishaanii bira turtetti, maal akka taate itti hime, kunis Masihiif abdachiifame ta’uu isaa Isa adda baase. Argitanii?

180 Amalli Isaa, amaloonni Isaa, Sagalee isa mul’ate ture. Amalli Isaa Sagalichi Waaqayyo ta’uu isaa agarsiisaa ture, kanaaf sun Waaqayyo Kiristoos keessatti mul’achuu ture. Amma ilaalaa. Jala muraa.

181 Pheexiroositti, Inni maqaa isaa waamuun Pheexiroosiif adda baafame. Waan inni hojjete itti himuudhaan Inni Naatinaa’eliif adda baafame. Maal akka taate itti himuudhaan, Inni dubartii sanaaf adda baafame. Waan inni . . . *inni* eenyu akka ture; waan *inni* hojjete; fi *isheen* maal akka turte. Sun amala Masihiichaa waan ta’aniif, amala Masihummaa Isaa mul’iseera.

182 Mee dubartii waan wal fakkaataa jettu kana ilaalaa. “Yaa Gooftaa, Ati raajii ta’uu kee nan hubadha. Waggoota dhibbaan lakkaa’amaniif raajii hin qabnu. Waldaa baay’ee, jeequmsa baay’ee fi dhaabbata amantiif garaa garaa qabna, garuu waggoota dhibbaan lakkaa’amaniif raajii hin qabnu. Masihiin gaafa dhufu, wanti adda Isa baasu kana akka ta’e ni beekna.”

183 Innis, “Ani Isa, kan sitti dubbatu kun” jedheen. Waa’ee isaa wanti hin beekamne jiru, “Ani Isa.” Kan Isa adda baase.

184 Dubartiin dhukkuba dhangala’uu dhiigaa qabdu, Sagalee Isa adda baafte. Akkamitti? Yeroo amantiin ishee Isa tuqe waan Inni hojjeteen. Innis garagalee akkas jedhe, “Eenyutu Na tuqe?” Waan tokko akka ta’e ni beeka ture. Sunis Yesuus Masihiif ta’uusaa adda baaseera.

185 Isheenis itti amantee, “Uffata Isaa yoon tuqe nan fayya,” jette.

186 Kanaaf akkuma isheen tuqxeen, Innis garagalee, “Amma eenyutu Na tuqe?” jedhe. Hundi isaaniis ni ganan. Garuu amala Masihummaa Isaa . . .

187 Ameen! Yaa sabaa, kana akka argitan abdiin qaba. Dhaggeeffadhaa, xumuraa jirra.

188 Achitti Isa tuqxe. Tarii, kan dhibbaan lakkaa’aman, Isa tuquuf kan yaalan turaniiru. Pheexiroos illee akkas jedhee, Isa ceepha’e, “Tole, hundi isaanii Si tuqaa jiru.”

189 Innis, “Eeyyee, garuu namni tokko addatti Na tuqeera” jedheen. Inni amantiidhaan tuqame sun, tuqaa addaati. Argitanii? Akkas jedheen, “Namni tokko Na tuqeera. Tuquu adda ture. Dadhabbiin natti dhaga’ameera. Humni Na keessaa ba’eera. Gaarummaan Na keessaa fudhatameera.” Ammagaa, Inni achi dhaabbate.

¹⁹⁰ Amma, duuka buutonni Isaa illee, jecha biraatiin akkas jedhaniin, “Yeroo dubbattu—dubbattu Ati akka nama dhimma hin qabneeti. Maaliif, namootni, namni hundinuu Si tuqaa jira.”

¹⁹¹ Eenyummaa Isaa amma ilaalaa, amma ilaalaa. Garagalee, tuuta namootaa keessa ilaale. Innis sirriitti adda ishee baase. Kana booda isheen of dhoksuu hin dandeenye. Innis haala ishee itti himee, “Amantiin ishee ishee fayyiseera,” jedhe.

¹⁹² Isheenis, kanaan beekte, akkuma, Ibroota 4:12, “Sagalichi yaadaa fi akeeka garaa namaa, adda baasa.” Amalli Isaas Inni “Sagaleen Waaqayyoo foon ta’ee nu gidduu buufate” isa jedhu ta’uu Isaa adda baase. Ameen.

¹⁹³ Halkan kanas kan Isa adda baasu waan wal fakkaataa natti fakkaata, Yesuus Kiristoos Inni du’aa ka’ee halkan kana nu gidduu jiraatu, kaleessas, har’as, bara baraan isuma sana. Amma, akkuma Ibrootni 13:8 dhugaa ta’e, amalli Isaa har’as akkuma yeroo sanaa, haala wal fakkaatuun, Isa ni ibsa.

¹⁹⁴ Du’aa ka’uu booddee, Kiliyoophaasii fi jara ilaalaa. Yesuus akkaataa Inni itti buddeena sana cabse, akka Inni osoo hin fannifamin dura godhu waan ta’eef adda Of baaseera. Isaanis. . . Sun amala Isaa adda baase, ‘sababni isaas akka duraatti waan godheef.

¹⁹⁵ Amma osoo galgala kana as jiraatee, akkamitti Inni eenyummaa Isaa adda baasa? Akkuma kaleessa godhe, har’as akkasuma waan ta’eef, bara baraanis akkasuma ta’a. Kun kan Inni ittiin adda bahudha. Ibroota 4, afur- . . . 14 fi 15, “Inni amma. . .” Akkas jedha, “Inni Angafa Lubaa keenya kan miira dadhabina keenyaan tuqamuu danda’uudha.” Yeroo ammaa kana Angafa Lubaa keenya. Du’aa ka’uu Isaa booda, du’a Isaa booda, awwaalammuu Isaa booda, du’aa ka’uu Isaa booda, ol ba’uu Isaa booda, ameen, Inni kaleessas, har’as, bara baraan isuma sana ta’ee hafa, Angafa Lubaa kan miira dadhabinaa keenyaan tuqamuu danda’u. Ameen. Yeroo ammaa kanatti, dhiiraa fi dubartii as jiran kan itti amanan hundaaf, Inni sanumadha. Inni kaleessas, har’as, bara baraan isuma sana kan ta’e, Angafa Lubaa keenya.

¹⁹⁶ Yoomiyyuu ni jiraata. Kana ni amantuu? Amaloonni Isaa itti fufiinsaan akkuma yeroo Inni lafa irra jiraatuu adda Isa baasu. Ammas galgala kana, bifa Hafuura Qulqulluun, as jiraachaa jira. Yoomiyyuu ni jiraata. Amaloonni Isaas akkuma yeroo biraa hundaa, yoo Inni amma iyyuu jiraataa ta’e, Isa ni hordofu.

¹⁹⁷ Ani galgala kana, nan galateeffadha, akka, “Waaqayyo, yeroo garaa garaatti karaa adda addaatiin karaa raajotaatiin abbootatti dubbateera, bara dhumaa kana keessattis karaa Ilma Isaa Yesuus Kiristoosiin nutti dubbate.”

¹⁹⁸ Maay, hamma kana akkan dubbadhe hin beeku. Akkas ta’uu isaa dagadheera. Dhiifama. Ani. . . Ani nan dhaaba.

Mee haa kadhannu.

199 Abbaa keenya Waaqarraa, Waaqa araara guddaa! Gooftaa, An—An. . . tarii baay’ee dubbadheera. Yoo ani akkas godhes, yaa Waaqayyo, Sin kadhada, dhiifama naaf goota. Garuu, yaa Gooftaa, waanan dubbadheefan dhiifama gaafadha miti. Waan Ati Sagalee kee keessatti dubbatte qofan asitti dubbadhe.

200 Amma jecha tokkoo ykn lama qofa Si biraa, yaa Gooftaa, tarii namni as jiru hundi galgala kana arguu danda’a. Ati amma iyyuu Angafa Lubaa keenya Isa guddaa ta’uu Kee yommuu argan, namoonni dhukkubsatan ni fayyu. Yaa Gooftaa, daqiiqaawwan itti aanan kana keessatti, Ergaa kana ammas dhugaadhaan akka jiraachiftu, nan kadhada. Waanan Sagalee dubbadheef, galgala kana, nu keessatti amalli Kee adda Si haa baasu, Ati kaleessas, har’as, bara baraan isuma sana waan taateef, Maqaa Yesuusiin ni kadhanna. Ameen.

201 Amma yeroo muraasaaf. Nuti, ani—ani xiqqoo ishee guyyaafadheera, garuu hundi keessan daqiiqaa kudha shan, digdamaaf toora kadhannaa akka qabaannuuf yeroo gahaa ni hayyamtuu? Yoo hayyamtan, harka keessan ol baasaa, jedhaa, “Nuti. . .” Tole, galatoomaa—galatoomaa. Sa’aatii sagaliif-soddomatti akkan isin gadhiisuuf waadaa galeera. Amma yeroon sun ga’eera; daqiiqaa digdama wajjin ta’eera. Kanaafuu daqiiqaa kudhan wayii yoo naaf kennitan, sirriittin ariifadha.

202 Mee haa ilaallu, kaardiin kadhannaa isaan har’a kennan maalidha? [Obboleessi tokko, “O,” jedhe.—Ed.] O? Maal, galgala darbe eessaa jalqabne, tokko, tokko? [“Tokko ture jedheen yaada.”] Eeyyee, ha-hah.

203 Achiis nuti, kaleessa galgala, nuti. . . Hafuura Qulqulluu. . . Har’a dhaggeeffachaan ture, waan jedhames irra deebi’aan ture. Gariin isaanii maqaa Faransaayyiiti, ani. . . Karaan itti gochuu danda’u, Hafuura Qulqulluu; eegee ilaaluu qofa.

204 Argituu, al tokko tokko yeroo mul’ata argitan, garagalee hiikamuu qaba. Hiikameera. Mul’ataan, fakkeenyaaf isin— isin hoolaa—argitu, kana jechuun suufii isaa ta’uu danda’a. Ilaalaa, hiikkaa isaas qabaachuu qabdu, ilaalaa, mul’ata sanas garagalchitanii hiikuu qabdu.

205 Galgala edaas hubadheera, ani—ani maqaawwan Faransaay sana sagaleessuu hin dandeenye, qubeessuufan dirqame.

206 Afrikaa fi naannoo Hottentootsii fi warra ormootaa, fi iddoo akka sanaatti, maqaan isaanii sirriitti waamamuu qaba, maal akka turan itti himama, afaan isaaniitiin sirriitti itti himama. Isaan, akkuma ati waamtuun, maal akka ta’an ni beeku. Garuu, argituu, garuu Inni afaan hundumaa beeka. Inni Waaqa Bara Baraati.

207 Mee galgala kana, torbaatamii-shan jennee haa jalqabnu, hanga dhibbaatti, O keessa. O dhaa, kan akkas jedhudhaa?

An. . . [Obboleessi tokko akkas jedha, “Eeyyee. O.”—Ed.] O, O. Eeyyee. Tole. Kaardii kadhannaa torbaatamii shan eenyutu qaba, mee haa ilaallu? O keessa, kaardii kadhannaa O, torbaatamii-shan, kan qabdan, harka keessan ol kaasaa. Warri O. Tole. As irraan kottaa. Torbaatamii-shan, saddeettama, saddeettamii-shan, sagaltama, sagaltamii-shan, dhibba, yoo dandeessan karaa *kana* kottaa. Tole, ’yeroo waan hin qabneef, ariifadhaatii, toora kana irra hiriiraa. Akka isin akkas gootan nan amana.

208 Kaardii kadhannaa keessan ilaalaa. Kaardii kadhannaa ollaa keessanii ilaalaa. Maal. . . Namni tokko yoo miilla hirruu ta’e, sarara kadhannaatti akka dhufuuf adeemsisaa. Kanaafuu yoo O qabaatan, gosa O qofa, torbaatama- . . .

209 Torbaatamii-shanii hanga dhibba tokkootti, yoo dandeessan, *as* irraan hiriiraa. Bakka jirtan hundatti, barandaa keessas, warri gubbaa jirtanis, gadi bu’aa, kanaaf yeroo qusachuuf, hamma isinii danda’ametti yoo dandeessan, dafaa gara sararaatti kottaa.

210 Amma warri asitti haftan, kaardii kadhannaa kan hin qabne, harka keessan ol kaastanii akkas jettuu, “Obboleessa Biraanhaam, Kaardii kadhannaa hin qabu, garuu nan amana”? Harka keessan ol qabaa.

211 Amma yaadadhaa, waa’ee Angafa Lubaan isinitti dubbadha. “Inni Angafa Lubaa miira dadhabina keenyaan tuqamuu danda’udha.” Inni “aarsaa Gooftaan qopheesse,” *Yihowaa-Jireedha*. Inni “Gooftaa dhukkuba kee hundumaa fayyisu,” *Yihowaa-Raafaadha*. Kana ni amantaa? Inni *Yihowaa-Maanaasee dha*. Inni ammallee *da’oo, gaachana, nagaa* keenyadha. Egaa, maqaawwan Yihowaa furtuu ta’an kun hundi Yesuus irratti hojiirra akka oolan kan amanu meeqan keessani? Sirriitti, Inni kana ta’uu qaba. Yoo Inni—yoo Inni. . . Maaliif, isaan addaan hin ba’an waan ta’eef, Inni hundasaa ta’uu qaba. Inni amma iyyuu Yihowaa-Jiree yoo ta’e, Yihowaa-Raafaa dha. Inni Yihowaa-Jiree yoo ta’e. . . Inni *Yihowaa-Jireedha*, “aarsaa Gooftaan fayyinaaf qopheesse,” sana boodas Inni *Yihowaa-Raafaadha* kan “dhukkuba keenya hunda fayyisu.” Ameen. Fayyinni Waaqayyoon qofa dhufuu danda’a.

212 Tole, yeroo ummanni hiriiranitti; eenyu akka ta’anii fi maal akka ta’an ilaaluuf yeroo hin arganne. Amma garuu, akkan isin hin beekne kan beekan hundinuu, harka keessan ol kaasaatii, akkas jedhaa, “Waaqayyo na barbaachisa. Ati garuu na hin beektu, Obboleessa Biraanhaam, garuu Waaqayyo na barbaachisa. Harka koo olan kaasa jedhaa.”

213 Amma daqiiqaa muraasaaf tasgabba’aatii, ilaalaa, of eeggannoo godhaa, callisaa. Amma akkas jechuu koo miti, yeroon, “callisaa” jedhu. . . Gooftaan waan tokko yoo godhe, Gooftaa galateeffachuu barbaaddu; sun waaqeffannaa dha.

Garuu wanti ani jechuu barbaade, “asii fi achi fiiguun, ka’uun,” beektu, sun kabaja dhabuudha. Argituu? Hafuurri Qulqulluunis baay’ee sodaachisaa, baay’ee sodaachisaa dha. Argituu? Wanti akkasii kamiyyuu, na dhiisee akka deemu godha, ammas, akka ani wallaansoo qabu na goosisa, ilaalaa. Garuu yoo dhaggeeffattan!

214 Kakuu Isaa isa jalqabaa ni yaadattuu? “Ummanni akka si amanan taasisi, sana boodas garaa qulqulluun ta’i, wanti kadhannaa kee dura dhaabbatu hin jiru.” Sana ni yaadattuu? Sirriidha. Sunis . . . Hanga ammaatti kufee hin argine, hin kufus. Inni Waaqayyodha.

215 Amma hamma dandeenyetti, lakkoofsa namootaa wal geessisuudhaaf, gara sarara kadhannaatti ni ariifanna. Garuu galgala kana warri kaardii kadhannaa qabaattanii hin waamamin, kaardii keessan qabadhaa, isin arganna. Tole.

216 Amma warri kaardii kadhannaa malee jirtan, yaadadhaa. Ykn, warri achi keessa jirtan, kaardii kadhannaa qabaattanis qabaachuu baattanis, Inni akka Ibroota boqonnaa 4ffaa irraa ta’uu Isaa amanaa. “Inni Angafa Lubaa miira dadhabina keenyaan tuqamuu danda’udha.” Ilaalaa Inni yoo hafe . . . Yihowaan akkuma bara Sodoomitti godhe, saba Isaa gidduutti bakka bu’ee jiraachuu Isaa ilaalaa. Tole.

217 Tole, gooftaa ko. Amma haa kadhannu, amma, kabaja dhugaa qabaadhaa. Amma yaadadhaa, Sagaleen Waaqayyo biraa dhufu kan namni kamiyyuu jedhu caalaa. Amma, namichi as jiru kana, ani—ani isa hin beeku. Ani akkas jedheen tilmaama inni . . . Ati anaaf, orma mitii, gooftaa ko? [Obboleessi kun akkas jedha, “Eeyyee.”—Ed.] Ati nama ormaati. Waan tokko beekna, lamaan keenya gaaf tokko Fuula Waaqayyoo dura dhaabbachuuf jirra; akka namaatti, Achitti wal argina. Yeroo jalqabaatiif wal arguu keenyadha.

218 Amma yoo as dhuftan, dhukkubsattanii yoo ta’e, ani hin beeku; waan biraa ta’uu danda’a, ilaalaa. Garuu yoo ani—yoo ani harka isin irra kaa’ee, akkas jedhe, “Gooftaa galateeffadhu! Deemi, fayyi.” Sun hunduu sirrii dha. Kana amanuu dandeessa. Garuu maal akka isin mudate yoo Inni isinitti hime hoo? Amma, ilaalaa, sun adda, sana booda sun amala Isaa kan mul’isu ta’uu ni bartu. Argituu, sun amala koo ta’u hin danda’u. Ani namadha; waa’ee isaa homaa hin beeku. Dursee, “Ani si hin beeku,” jedheera. Innis na hin beeku. Garuu kun maal godharee? Sun amala Yesuus Kiristoos kaleessas, har’as, bara baraan isuma sana ta’e mul’isa. Ana ta’uu akka hin dandeenye, ana ta’uu akka hin dandeenye beeka, ‘sababni isaas ani namicha hin beeku. Harka koon ol kaasa; Sagalichi *kunooti*. Argitanii? Ani isa hin beeku. Innis na hin beeku. Garuu amalli Yesuus Kiristoos . . .

219 Osoo Yesuus as dhaabatee, inni immoo, dhukkubsatee, “Gooftaa Yesuus, na fayyisi,” jedhee, Yesuus maal ittiin jedhaan

ture? “Duraanis si fayyiseera.” Sirriidhaa?

220 “Irra daddarbaa keenyaaf madaa’ee; reebamee mada’uu Isaatiin fayyine.” Furii yoomiyyuu qabaachuun nuuf ta’u hundumaa qaraaniyoo irratti raawwateera. Achi irraa ka’ee, hojii xumurametti amanuun, amantiidha. Sirriidhaa? Tole.

221 Amma, amma Yesuus yoo jiraataa ta’ee, ani immoo waa’ee Sagalee Isaan dubbachaan jira yoo ta’ee... Achi kan jirtan, Sagalee Isaatti amanuudhaan, gara gadi of deebisuu fi amantii sanaatti deebi’aa. Inni galgala sana yommuu na argutti, Inni akkas jedhe, “Iccitii garaa isaanii illee gara beekuutti ni dhufu. Mallattoo harkaa isa jalqabaa sana hin amanan yoo ta’ees, isa kana ni amanu.” Argitanii? “Akkas hin godhan, yoo ta’ee garuu lafti dhiigaan abaaramti.”

222 Akkuma bara Musee ture. Akkas jedhe, “Mallattoo sana lama hin amanan taanaan, egaa dhiiga lafa irratti dhangalaasi” jedhe, ilaalaa, “lafa irratti bishaan dhangalaasi, dhiiga ta’a.”

223 Amma yoo rakkoon keessan maal akka ta’ee, barbaaduuf arguu danda’ee, isin quubsee isin amansiisa, mitii? [Obboleessi kun, “Sirriidha,” jedha.—Ed.] Amala Nama ani waa’ee Isaa dubbachaa jiruu eenyu akka ta’ee beektu, Yesuus Kiristoosi.

224 Akkuman amma isa ilaalee, duubatti deebi’eenan, namicha ilaale. Gaaddidduun isa irra buufatee jira. Wanti qoricha ta’ee yoomiyyuu namicha kana gargaaru hin jiru. Inni afaan du’aa irra jira. Sirriidha. Baqaqsanii hodhuu kan godhe yoo ta’u, baqaqsanii hodhuun isaas baqaqsanii hodhuu piroosteetiidha. Inni kaansariidha, kaansarichi immoo si keessa faca’ee jira. Yoo sirrii ta’ee, harka kee ol kaasi. Isa fayyisuu kan danda’u Waaqayyo qofadha. Garuu, ilaali, waan tokkon siin jechuu barbaada, gooftaa ko. Seexanni sun tarii billaa doktorichaa jalaa dhokatee ture, garuu Waaqayyoon dhokachuu hin danda’u. Kana ni amantaa? Kana ni amantaa? Kana booda Maqaa Yesuus Kiristoosiin, nan kadhada, kun, waanti kun isa haa gadhiisu, namichis haa jiraatu. Homaa miti; dadhabbi qofa. Tole.

225 Anii fi ati, dhiirrii fi dubartiin wal argan kun waliif ormadha. Amma, akka namaatti, ani si hin beeku. Tarii immoo, akka dubartii tokkootti, na hin beektu ta’a; maqaa koo, ykn suuraa koo, ykn waan akkasii arguu kan caalu miti. Garuu wal hin beeknu. Amalli keenya kanadha. Amala walii hin beeknu. Garuu amalli Kiristoos, Inni Sagaleedha, Sagalichis guyyaa kanaaf abdachiifameera. Waa’ee isaa yeroon dubbadhu dhageesseetta. Egaa amalli Isaa asitti Isa adda baasa. Ana miti Isa adda baasa. Ani siin hin beeku. Hubatee jirta. Sabni keenya—keenya kana hubattaniittuu? [Sabni, “Ameen” jedhan.—Ed.] Argitanii? Ani—ani namadha. Ani obboleessa keessan qofa.

226 Akkuma dubartii boolla bishaanii biraa, rakkina jiru yoon sitti hime, rakkoon kee kana yoon siin jedhe, ykn waan ati

barbaaddu, ykn waan ati as dhufteef. Waaqayyo sanaaf abbaa murtii haa ta'u. Hir'ina dhiigaatiin dhiphachaa jirta. Sirriidha, mitiiree? [Obboleettiin, "Eeyyee" jette.—Ed.]

227 An—an yeroo hunda sanatti nan bu'a, nama wayiitti waanan tilmaamu itti fakkaata. Ani hin tilmaamu. Lakki. Yeroo tokko tokko, nama ta'e irra, akkasitti natti dhagahama. Amma yaada keessan dhoksuu hin dandeessan. Namoonni sirriitti shakkan lama, as taa'anii akka jiran, nan beeka. Argituu? Kanaafuu amma yaadadhaa ani maqaa keessan waamuu nan danda'a, akkasuma, Waaqayyo ni danda'a, kanaaf akkasitti yaaduu dhiisaa. Mee isinittan agarsiisa.

228 As ilaali, giiftii. Mee na ilaali. Waan Inni sitti hime hin beeku, garuu ani—ani Inni maal akka ta'e beeka. Sunis amala Isaa mul'atedha. Eeyyee, haala hir'ina dhiigaati, dhiiga, bishaaniiti.

229 Amma, as, as waan tokkotu jira. Kun tilmaama jedhanii yoo yaadan ilaali. Mucaa ati kadhachaafii jirtu, as jira. Sirriidha. Innis, toonsilii, qoonqoo keessaa, adenooyidisiin qaba. Baqaqsamee hodhamuuf qophaa'eera. Sirrii mitii? [Obboleettiin, "Eeyyee" jette.—Ed.] Haada harkaa sana fudhadhuu amanii, irra kaa'i. Hin shakkin. Baqassanii hodhuu hin taasifamu. Amma garaa guutuun amani.

230 Akkam jirta? Dhimmi kee, dubartii as jirtu kanaaf, waan ta'e sodaattee jirta. Mallattoon dhalootaa ishee gara kaansariitti akka hin jijjiiramne sodaatte. Ha-hah, ha-hah. Amma amanii, deemi, akkas hin ta'u. Garaa kee guutuun amanii, deemi. Amaloonni kun, kan Isaati malee; kan koo miti!

231 Amma ni amantuu? Sun namni hundinuu akka amanu kan godhudha.

232 Amma, ani siin hin beeku. Ani siif orma. Waaqayyo garuu si beeka. Kana ni amantaa...? Ani akkan si hin beekne beekta, akka na hin beeknees beekta, kanaaf Hafuurri dubbatu kun hafuura koo ta'uu akka hin dandeenye ni amantaa? Sababni isaas, ani akka namaatti siin hin beeku. Garuu amalli Sagalee abdachiifame Sagalee billaa qara-lama qabu caalaa qara ta'eedha, akkasumas yaada fi akeeka garaa namaa adda baasee kan beekudha.

233 Baayyee dhukkubsattee jirta. Dhibee dubartootaa qabda turte, innis gadameessa, gadameessi sun immoo kaansarii qaba. Ati immoo deemtee wal'aanamteetta, innis wal'aansa raadiyeemii ture, waan inni si fayyades dhibee sana qaama kee hunda keessa facaasuu qofa. Waaqayyo si fayyisuu baannaan ati—ati ni duuta. Sun dhugaadha. Inni amma si fayyisa ni amantaa? [Obboleettiin, "Eeyyee" jette.—Ed.] Waaqayyi Inni Waaqaa irraa seexanaa doktora jalaa dhokate sana haa ifatu. Tarii raadiyeemii jalaa dhokachuu danda'a, garuu Hafuura Qulqulluu jalaa hin dhokanne. Obboleettiin, amma, Isatti amanii, deemi. Amani malee tasuma hin shakkin.

234 Waaqayyo dhukkuba asmii fayyisuu akka danda’u, si fayyisuu akka danda’u ni amantaa? [Obboleessi, “Eeyyee” jedhe.—Ed.] Ni amantaa? Egaa gammachuudhaan karaa kee irra deemi, akkas jechaa, “Yaa Gooftaa, Galatoomi. Asmiin koo akka bade nan amana.”

235 Akkam jirta? Ati dhiphina qabda. Yeroo dheeraaf dhiphachaa turte. Sana keessatti, garaan kee—akka dhukkubu kan taasisu, madaan garaachaa garaa kee keessatti akka uumamu taasiseera. Ati ni barbaadda . . . Irbaata kee nyaachuu ni barbaaddaa? Waan ani siin jedhu ni raawwattaa? Maqaa Gooftaa Yesuusiin, deemii, nyaadhu.

236 Garaa guutuun ni amantaa? [Obboleettiin, “Nan amana” jette.—Ed.] Ati shamarree bareedduu humna guddaa qabdudha, ni fakkaatta. Garbicha Isaa ta’uu koo na amantaa? [“Ameen.”] Amalli Isaa as jiraachuu akka danda’u, ni amantaa . . . Sagaleen, Ofii Isaatii, akkasumas abdiin guyyaa kanaa, “Hojii Ani hojjedhu isinis ni hojjettu”? [“Ameen.”] Ani fayyisuu hin danda’u. Inni dursee akkas godheera; Amalli Isaa garuu Isa agarsiisa, rakkoo kee sitti himuu danda’a. Rakkoo shamarrootaa, rakkina dubartootaa qabda. [“Eeyyee, gooftaa ko.”] Waaqayyo amma akka si fayyisu ni amantaa? [“Eeyyee. Ameen.”] Karaa kee irra deemi, kana booda si hin dhukkubu. Laphee guutuudhaan amani.

237 Garbicha Isaa ta’uu koo na amantaa? [Obboleettiin, “Eeyyee, gooftaa ko” jette.—Ed.] Rakkoon kee maal akka ta’e yoo Waaqayyo natti hime, amala Yesuus Kiristoos ta’uu ni amantaa? Dugda kee keessa jira. Kana booda hin jiru. Deemi, garaa guutuun amani. Amani.

238 Kottu, giiftii. Rakkoo garaachaas ni qabda. Laphee kee guutuun amani, dhaqii irbaata kee nyaadhu. Waa’ee isaa irraanfadhu. Yesuus Kiristoos si fayyisa.

239 Kottu. Rakkoon kee dhiiga keeti. Dhukkuba sukkaaraa qabda. Waaqayyo akka si fayyisuu akkasumas sana irraa akka si fayyisu ni amantaa? Karaa kee irra deemi, “Gooftaa Yesuus Galatoomi” jedhi, fayyaa si taasisa. Deemi, garaa guutuun amani.

240 Kottu. Dugda kee, Waaqayyo dugda fayyisee akka fayyaa si taasisu ni amantaa? Karaa kee irra deemi, gammadi, “Gooftaa Yesuus Galatoomi” jedhi.

241 Atis rakkoo dugdaa qabda. Akkas jechaa miil’a keetiin adeemi, “Yaa Gooftaa, Galatoomi. Ani fayyeera.” Laphee kee guutuun itti amani.

242 Atis rakkoo dugdaatu si mudate. Waa’ee sanaa maal beekta? Amma garaa guutuun amani, karaa kee irra deemi fayyi. Yesuus Kiristoos akka si fayyisu amani. “Yoo amanuu dandeesse, wanti hundinuu ni danda’ama.” Tole.

243 Osoon homaa sitti hin dubbatin, bira darbee harka ishee irra kaa'ee, akka fayyitu ni amantaa? Rakkoo sana arganiiru. Akka isheen fayyitu ni amantaa? As kottu. Maqaa Yesuus Kiristoosiin, seexana kanaan nan morma. Humni Waaqayyoo daa'ima kana haa fayyisu. Ameen. Hin shakkin, tasuma hin shakkin, ni fayyiti. Laphee guutuudhaan amani.

244 Waaqayyo si hin fayyisu yoo ta'e, gaaf tokko kiraanchii qabatee deemta, sababa dhukkuba artiraayitisi. Waaqayyo garuu dhukkuba artiraayitisi kee akka fayyisu ni amantaa? Egaa dhaqi, "Yaa Gooftaa Galatoomi. Sin amana, Ati immoo na fayyista" jedhi. Tole.

245 Amma kottaa. Dhuguma umurii keeti. Sirriitti dhiphattee jirta. Yeroo galgalaa'u, sirriitti dhiphatta. Yeroo hojii hojjetuu fi yeroo biraas, baay'ee dhiphatta. Amma ni amantaa? Kana booda si hin dhiphisu. Karaa kee irra deemi, "Gooftaa Yesuus, Galatoomi" jechaa.

246 Kottu, gooftaa ko. Waaqayyo dhukkuba onneetti akka fayyisu ni amantaa? [Obboleessi, "Eeyyee" jedhe.—Ed.] Onnee kee ni fayyisaa? Deemsa kee itti fufii, akkas jechaa, "Yaa Gooftaa Galatoomi. Garaa koo guutuun nan amana."

247 Waaqayyo TB ni fayyisa, ni fayyisa, isas. Garaa kee guutuun, ni amantaa, gooftaa ko? [Obboleessi, "Nan amana" jedha.—Ed.] Tole. Karaa kee irra deemi gammachuudhaan, "Gooftaa Yesuus Galatoomi," jechaa.

248 Isin ala kan jirtan hoo, ni amantuu? Sabni hoo? Saba keessaa gariin keessan amma ni amantu.

249 Namichi as taa'ee jiru kun, dhukkuba biroonkaayitii qaba, Waaqayyo rakkina biroonkaayitii akka fayyisu ni amantaa? Tole, egaa, waan kadhatte argachuu ni dandeessa. Ameen.

250 Achi isa dudduuba kan teesse, dhiibbaa dhiigaa qabda. Waaqayyo dhiiga kee isa ol ka'e akka fayyisu ni amantaa? Si dhiisee deemeera, gooftaa ko. Ani isa hin beeku, jireenya koo keessattis isa argee hin beeku.

251 Isin, gooftaa ko, ni amantuu maashaalee keessan keessatti dhiita'uu, dhiita'uu maashaan narvii, Waaqayyo akka fayyisu ni amantuu? Ni amantuu? Yoo amantan harka keessan ol kaasaa. Tole.

252 Haati manaa keessan achi teessee, dhibee saayinesiiin dhiphachaa jirti. Siinis, akka dhiisu ni amantaa, obboleettii?

253 Giiftiin achi nu duubaan taa'aa jirtu, dhukkuba niwuraayitii qabdi. Waaqayyo dhukkuba niwuraayitii kee akka fayyisu ni amantaa, giiftii?

254 Kunoo giiftii kootii xiqqoo, kootii diimaa uffatte, kunoo. Achi teessee jirti. Isheen illee akkasuma, rakkina saayinesii qabdi. Waaqayyo rakkina saayinesii kee akka fayyisu ni amantaa? Harka kee ol kaasi, yoo amante.

²⁵⁵ Namni as keessa jiru kamiyyuu amalli Yesuus Kiristoos nu gidduu jira jedhee kan amanu, galgala kana, harka keessan ol kaasaa, akkas jedhaa, “Anis nan amana.” [Sabni, “Anis nan amana” jedhan.—Ed.]

²⁵⁶ Hunduu as keessa kan jiru, akka fayyisaa keessaniitti Isa kan fudhattan, miilla keessaniin dhaabbadhaa, akkas jedhaa, “Anis nan amana.” Ol ka’aa. Teessoo keessan irraa, ka’aa, waan fedhe haa ta’u. Yesuus Kiristoos kaleessas, har’as, bara baran isuma sana. Maqaa Waaqayyoo Gooftaatiin, ani isiniifan kenna. 🐦

64-0320 Waaqayyo Amaloota Isaatiin Ofii Isaa Adda Baasa
Mana Barumsaa Olaanaa Deenhaam Ispiriingis
Deenhaam Ispiriingis, Luuziyaanaa U.S.A.

OROMO

©2024 VGR, ALL RIGHTS RESERVED

VOICE OF GOD RECORDINGS
P.O. BOX 950, JEFFERSONVILLE, INDIANA 47131 U.S.A.
www.branham.org

Beeksisa mirga waraabbii

Mirgi abbummaa seeraan kan eegamedha. Kitaabni kun akka meeshaa Wangeela Yesuus Kiristoos babal'isuuf gargaarutti, maxxansaa manaatiin maxxanfamuun dhuunfaatti fayyadamuuf ykn kaffaltii malee kennamuu ni danda'a. Kitaabni kun hayyama barreeffamaa ifa ta'e Voice Of God Recordings® malee, gurguramuu, baay'inaan baay'isuu, marsariitii irratti maxxanfamuu, sirna kuusaa keessatti kuufamuu, afaanota birootti hiikuu, ykn maallaqa gaafachuuf itti fayyadamuun hin danda'amu.

Odeeffannoo dabalataaf ykn meeshaalee biroo jiran yoo barbaaddan, maaloo teessoo armaan gadii fayyadamuun nu quunnamaa:

VOICE OF GOD RECORDINGS

P.O. BOX 950, JEFFERSONVILLE, INDIANA 47131 U.S.A.

www.branham.org